አማካይ የጣልቃ ገብነት ውጤት በትክክለኛ ውጤቶች እና በተቃራኒ ሁኔታዎች መካከል ከፍተኛ ልዩነት አሳይቷል (ሥንጠረዥ 2)። ይህ የሚያመለከተው በከተማ ግብርና ተግባራት ውስጥ የሚሳተፉ አባ/እማወራዎች ከማይሳተፉትጋር ሲነፃፀሩ ከፍተኛ የሆነ የደህንነት ማሻሻያዎችን እንደሚያገኙ ያመለክታል። ውጤቶቹ እንደሚያሳዩት፣ በተወሰዱት የአሥራር ዘዴዎች ጥምር ላይ በመመስረት፣ የከተማ ግብርና ተሳትፎ የአንድ ነልማሳ ገቢን ከ3-27 በመቶ ጨምሯል። በተጨማሪም፣ ከተቃራኔዎቹ ጋር ሲነፃፀር፣ በከተማ ግብርና ልምምድ ላይ የተሰማሩ አባ/እማወራ ቤቶች በአንድ አዋቂ ከፍ ያለ የፍጆታ ወጪን አሳይተዋል (ከ3-36 በመቶ ጭማሪ) እና የካሎሪ ቅበላ በአዋቂ አቻ (8-34%)። እነዚህ ግኝቶች የከተማ ግብርና የግብርና ምርትን ወደ ከፍተኛ ገቢ፣ ፍጆታ እና የተሻሻሉ የምግብ ኢነርጂ አጠቃቀምን በመተርጎም የቤተሰብ ደህንነትን በእጅጉ እንደሚያሳድግ አጽንኦት ስጥተውበታል።

የፖሊሲ ምክሮች

- የግብርና ሚኒስቴር የከተሞችን የምግብ ዋስትና እና የቤተሰብ ደህንነትን ለማረጋገጥ ለከተማ ግብርና ፖሊሲ ሊሰጥ ይገባል።

- የግብርና ቢሮዎችና ማዘጋጃ ቤቶች የከተማ ግብርና ያለባቸውን ተግዳሮቶች በመፍታት የከተማ ግብርናን ማስተዋወቅ አለባቸው።

- በከተሞች የሚገኙ የተለያዩ መሠሪያ ቤቶች ፤ ዩኒቨርሲቲዎች፣ የምርምር ተቋማትና ትምህርት ቤቶች የከተማ ግብርናን ልምምድ በማድረግ ማሳየት አለባቸው።

- የፋይናንስ ተቋማት በከተማ ግብርና ውስጥ ለሚሳተፉ ቤተሰቦች የገንዘብ ፓኬጆችን ማዘጋጀት አለባቸው።

IBSA IMAAMMATAA
2016

Afaan Oromootti kan hiike: Daani'eel Bal'is (PhD)

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA
BIIROO DHIMMA QORANNOO

Xaa'oo Uumamaa (*Vermicompost*) Fayyadamuun Oomisha Bishingaa Ni Guddisa; Weerara Deegsoo (*Striga*) Hir'isa

Addisuu Ebbisaa[1*], Nigussee Dechassa[2], Zelalem Bekeko[1], Faayeraa Liiban[3]

[1]Mana Barumsaa Saayinsii Biqiltootaa, Yuunivarsiitii Haramayaa, P.O. Box 138, Dire Dawa, Itoophiyaa; [2]Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Itoophiyaa, P.O. Box 2003, Addis Ababa, Itoophiyaa; [3]Alliance of Biodiversity International fi CIAT, ILRI, Lilongwe, Maalaawii

Ergaawwan Ijoo

- Xaa'oo uumamaa (Kompoostii Raammoon dikeessu) fi Daagaa-bishaan cimiisuu (tied-ridge) yoo midhaan tooraan facaasuu walitti hidhateen deeggaramee hojiirra yoo oole jiidhinsa fi gabbina biyyee (fertility) ni dabala.

- Adeemsa tooraan wal jala facaasuu keessatti hektaara tokkoof Komposostii raammoon dikeessuu toonii 4.5 daagaa walitti hidhate waliin tajaajilamuun, oomisha bishingaa 60% dabaluun yabbina aramaafi weerara isaa 85.71% fi 77% ni hir'isa.

Seensa

Hawaasa Sahaaraa gadii miiliyona 100 ol ta'aniif bishingaafi ochoolooniin madda galii fi nyaata madaalawaa ta'uun shoora olaanaa qaba. Gosoonni midhaanii kun ga'umsa naannoo goginsi jirutti madaqqu qabaatanis, hanqina gabbina biyyee (soil fertility) fi hongee irraa kan ka'e kan silaa akka biyyaatti hektaara tokko irraa toonii 3-6 argamuu male, amma toonii 1.8-tti oomishama (CSA, 2021). Bu'aa oomishtummaa dabaluuf, guddinaafi raawwilee qonnaa itti fufinsa qaban beeksisuuf raawwilee akka raammoon dikeessuu, midhaan wal jala facaasuufi muuxannoo bishaan cimmisuu hojiirra oolchuun kanneen murteessoodha. Raammoon dikeessuu tajaajilamuun ammoo

baay'ee abdachiisaa, xaa'oo uumamaa naannoo irratti dhiibbaa hinqabne, waantota naannootti argaman irraa baasii xiqqaan qophaa'uu kan danda'udha.

Bu'aa argamsiisu cinatti, itti fayyadamni raammoon dikeessuu, gosoonni sanyii addatti magarsuu (seedbed) fi wal jala facaasuu itti fayyadama xaa'oo hammayyaafi aadaa midhaan kopha kophaan facaasuun yoo madaalamu gadibu'aadha. Dhiibbaa raammessi-dikee aramaa deegsoo to'achuuf qabuufi mala wal jala facaasuun dinagdee fooyyessuu irratti qorannoon gaggeeffaman muraasa. Gama biraan, Harargeetti muuxannoon midhaan wal jala facaasuu itti fufinsa kan hinqabnne, gabbina biyyee kan hir'isuufi bu'aa argamu hir'isuun beekama. Kanaafuu, qorannoon kun gu'umsa raammoon dikeessuu, muuxannoo bishaan cimmisaniifi bu'aqabeessummaa bishingaaf haala itti facaasan, akkasumas dhiibbanni gabbina biyyee irratti qabuufi aramaa deegsoo itti to'atu irratti karoorfame.

Malaafi Argannoo

Tibba midhaan facaasuu bara 2021 fi 2022-tti ooyruu qoteebulaa Qileefi wiirtuu qorannoo Yuunivarsiitii Haramaayaa Baabbileetti qorannoon yaalii lama gaggeeffameera. Gosa sanyii bishingaa Malkaam, sanyii ochooloonii gara garaa lama

(Baabbilee-1 fi Baabbilee-2) wal jala facaasuun kunuunsa raammoon dikeessuu hanga adda addaa (hektaaraaf toonii 0, 1.5, 3, fi 4.5) fi mala sanyii itti biqilchan lama (boo'ii banaafi toora daagaarra facaasuu) hojiirra oolaniiru.

**Gabateee 1:** Dhiibbaa raammoon dikeessuu midhaan biyyee naaytroojiniifi foosferesii irratti faca'e

Raammoon dikeessuu (t/ha)	Naayitroojinii (N%)				Foosfarasii (Olsen P mg kg⁻¹)			
	Wal jala kan faca'e	Kophaa kan faca'e	Bo'oo keessa	Bo'oorra	Wal jala faca'e	Kophaa kan faca'e	Bo'oo keessa	Bo'oorra
0	0.008^{ef}	0.007^f	0.008^e	0.009^e	3.868^e	3.573^e	3.748^f	3.693^f
1.5	0.093^{de}	0.099^d	0.094^d	0.098^d	4.762^d	4.582^d	4.727^e	4.617^e
3	0.135^c	0.125^c	0.13^c	0.13^c	7.04^c	6.935^c	7.457^c	6.518^d
4.5	0.247^a	0.208^b	0.242^a	0.213^b	9.822^a	8.93^b	9.677^a	9.075^b
LSD	0.014				0.495			

Raammoon dikeessuu (t/ha)	Zinkii (mg kg⁻¹)		Ayiranii (mg kg⁻¹)		Manganezii (mg kg⁻¹)	
	Wal jala kan faca'e	Kophaa kan faca'e	Wal jala faca'e	Kophaa kan faca'e	Wal jala kan faca'e	Kophaa kan faca'e
0	0.62^f	0.28^g	3.65^f	3.73^f	2.01^{bcd}	2.47^a
1.5	0.86^d	0.74^e	4.17^e	4.22^e	1.98^{cd}	2.16^b
3	1.18^b	1.08^c	5.16^c	4.72^d	1.89^d	2.08^{bc}
4.5	1.45^a	1.18^b	6.37^a	5.7^b	1.90^d	1.97^{cd}
GGIX	0.08		0.38		0.18	

GGIX=Garaa garummaa ijoo xumuraa; kana jechuun, vaaraabiloonni qubee wal fakkaataa yoo qabaatan jijjiiramni hinjiru.

Midhaan wal-jala facaasu keessatti raammessi-dikee bo'oorra facaasu waliin yoo tajaajilu, bu'aan bishingaa hundeen (hektaaratti toonii 14.2) fi firiin (hektaaratti toonii 6.0) (Gabatee 2), naannoo deegssoon jirutti midhaan xaa'oo malee qofaa faca'een yoo madaalamu, hir'ina qabatamaa (77%) mul'isa (Fakii 2).

Fakii 2: Dhiibbaa hariiroo gamlamee raammoon dikeessuu mala facaasuu waliiniifi haala lafaa akka-sumas dhiibbaa hariiroo gamlamee mala facaasuufi haala lafaa bara 2021 ASNPC irratti (A, B fi C)) fi bara 2022 (D fi E) SS=bishingaa qofa; SB1/SB2= bishingaa jala Babile-1 fi Babile-2 ochooloonii faca'e; F= bo'oo keessa kan faca'e; TD = bo'oorra; Baaronni qubee wal fakkaataa qaban garaa garummaa qabatamaa 5% kan hinmul'ifnedha.

Gabatee 2: Dhiibbaa hariiroo raammoon dikeessuu, haala lafaafi bu'aa hundeefi firii bishingaaf mala itti faca'u kan ganda Qilee bara 2021 fi 2022

(a) Oomisha hundee (t/ha)

Mala facaasuu	VC (t/ha) Bara 2021				VC (t/ha) Bara 2022			
	0	1.5	3	4.5	0	1.5	3	4.5
SB1F	3.149[h]	3.947[gh]	6.852[d]	8.34[bc]	4.93[jklm]	4.794[klm]	8.918[f]	12.152[b]
SB1TD	3.590[gh]	5.490[e]	8.177[c]	10.81[a]	4.79[klm]	6.404[gh]	10.770[d]	12.01[bc]
SB2F	3.273[gh]	4.339[fg]	6.194[de]	9.275[b]	5.29[ijkl]	5.953[hi]	9.905[e]	12.619[b]
SB2TD	3.940[gh]	5.856[de]	8.578[bc]	10.95[a]	5.14[ijkl]	7.181[g]	11.22[cd]	14.205[a]
SSF	3.213[h]	5.804[de]	3.264[gh]	8.073[c]	3.549[n]	2.723[h]	8.117[f]	12.207[b]
SSTD	3.766[gh]	6.018[de]	8.206[bc]	8.83[bc]	4.214[m]	5.536[ijk]	8.349[f]	11.28[cd]
LSD	1.092				0.814			

(b) Grain yield (t/ha)

Mala facaasuu	VC (t/ha) Bara 2021				VC (t/ha) Bara 2022			
	0	1.5	3	4.5	0	1.5	3	4.5
SB1F	1.503[n]	2.49[ijk]	3.54[d]	4.782[c]	1.981[j]	2.689[h]	3.413[g]	5.033[cd]
SB1TD	2.29[jkl]	2.728[ij]	3.236[gh]	5.350[b]	2.171[j]	2.836[h]	4.719[de]	5.602[b]
SB2F	1.84[lmn]	2.39[ijk]	3.470[fg]	4.35[cd]	2.074[j]	2.635[h]	4.419[e]	5.584[b]
SB2TD	2.05[klm]	2.819[hi]	4.20[de]	5.817[a]	2.228[ij]	2.931[h]	4.813[de]	6.014[a]
SSF	1.445[n]	2.538[ij]	3.264[gh]	4.16[de]	1.549[k]	2.723[h]	3.562[fg]	4.605[e]
SSTD	1.627[mn]	2.44[ijk]	3.839[ef]	5.285[b]	1.885[jk]	2.592[hi]	3.941[f]	5.286[bc]
LSD	0.456				0.403			

SS=bishingaa qofa; SB1/SB2= bishingaa jala Babile-1 fi Babile-2 ochooloonii faca'e; F= bo'oo keessa kan faca'e; TD = bo'oorra; VC = vermicompost (raammoon dikeessuu); Baaronni qubee wal fakkaataa qaban garaa garummaa qabatamaa 5% kan hinmul'ifnedha; GGIX=Garaa garummaa ijoo xumuraa.

Akka argannoo qorannoo kanaatti, hektaara tokko irratti bishingaafi ochooloonii wal keessa faca'eef raammoon dikeessuu toonii 405 tajaajilamuun gabbina biyyee kaarboonii (1.45 g cm-3), N (0.247%), P (38.46%), Fe (27%), Zn (40%), akka jiraatu gargaaruufi oomishni bishingaas 58%n kan dabale (Gabatee 1).

Yaada Imaammataa

- Ministeerri Qonnaa qonnaan bulaan raammoon dikeessuu toora facaasuufi mala midhaan wal jala facaasuun bu'aa oomishni bishingaa akka dabaluufi aramaa deegssoo akka to'atuuf leenjii dadammaqinsaa kennuu qaba.

- Ministeerri Hojjettootaafi Ogummaa, dhaabbilee mit-mootummaafi qaamonni dhimmi kun ilaallatu hundi dargaggoonni raammoon dikeessuu oomishanii madda galiif akka oolfatan qindaa'uun ejjennoo fudhachuu barbaachisa.

- Investeroonni, yuuniyeenonniifi waldaaleen oomisha raammoon dikeessuu irratti bal'inaan

- irmaachuun gurguranii madda galiif hojjechuu.

Soorata Irratti Maayikiroobii Bu'a Qabeessa Ta'e Tajaajilamuun Re'oota Somaalee Gurra Gaggabaabaa Saffisaan Akka Guddatan Taasisa

Feyisa Hundeessaa[1*], Masarat Girmaa[1]

[1]Kolleejjii Saayinsii Qonnaa fi Naannoo Mana Barumsaa Saayinsii Beeyladaa fi Reenjii, Yuunivarsiitii Haramaayaa, Itoophiyaa

Ergaawwan Ijoo

- Re'oonni furushkaa (qola firii qamadii) maayikiroobiin bukaa'e (EM-Bokashi) 7% sooratan ulfaatina qaamaa 50% yoo dabalan, kanneen faayidaa kanaan ala jiran 7.4% qofaan dabalani.

- Re'oota umrii waggaa lamaa gadiif soorata 7% EM- Bokashi qabu yoo kennameef bu'aan 19.5% argamuu danda'a.

Seensa

Itiyoophiyaatti baay'inniifi barbaachisummaan re'ee olaanaa ta'us, sabababa hanqina olaanaa qabiyyee fi hanga soorataa jiruun bu'aan argamu gadi bu'aadha. Soorri beelladaa bal'inaan argamu, hafteen midhaaniifi margi uumamaa, qabiyyee gadi bu'aan kan beekamanii fi kanneen garaacha keessatti bullaa'insa gadi aanaa qabanidha. Mala maayikiroobii qola qamadii (EM-Bokashi) irratti tajaajilamuun soorata fooyyessuun pirootiniin dabaluun garaachi soorata akka bulleessu ga'umsa ida'aaf.

Orgaanizimoota xixiqqaa ga'umsa qaban makaa gareewwan orgaanizimoota dandeettii naannoo qabatamaa bayyanachiisuu qaban tilmaamaan sanyii 80 maayikiroo orgaanizimoota bu'a qabeeyyii filataman kanneen akka baakteeriyaa laaktik asiidii, raacitii, baakteeriyaa footooseentetikiifi actinomycetes of-keessatti qabanidha dha.

Lub-leellistoonni (probiotics) hanga, argama, bullaa'insa, fi xuuxama soorataa qaama beelladaa keessatti dabalan uumuuf Bokashin qola firii qamadii orgaanizimoota ga'umsa qabaniifi qola firii qamadii walitti makuun qophaa'a. Orgaanizimoonni xixiqqaa ga'umsa qabeeyyiin mar'ummaan beelladaa keessatti madaallii orgaanizimoota xixiqqaa tolchuun xuuxama soorataa waan dabalaniif sifaa fi ulfaatina ni fooyyeessu. Kanaafuu, faayidaa nyaanni salphaatti hin bulloofne beellada kanneen akka re'eef kennu fooyyessuuf maaykiroobii Bokashi ga'umsa qabuti fayyadamuun qooda olaanaa qaba. Qorannoon kun kan gaggeeffame dhiibbaa itti fayyadamni makaan Bokash qola firii qamadii fi nyaata beelladaa haftee warshaa hanga gara garaa guddinaa fi oomisha foonii re'oota Somaalee gurra gaggabaabaa okaa akka nyata idileetti fayyadaman irratti qabu madaaluufi.

Malaafi Argannoo

Yaaliin re'ee sooruu kan gaggeeffame wiirtuu qorannoo re'ee Yuunivarsiitii Haramayaatti. Re'oota korbeeyyii gurra gaggabaaboo Somaalee umuriinsaanii tilmaamaan waggaa tokkoo ta'ee fi cidhaansaanii hin tumamiin 20 gabaa naannoo (local market) irraa bitaman irratti yaalii guyyoota 90f wallaanuu taasifame. Re'oonni hanga ulfaatina isaanii jalqabaa irratti hundaa'uun carraadhaan bilookiitti qoodaman. Sana booda korbeeyyiin (bucks) bilookiwwan shaniifi gareewwan yaalii afuritti qoodamani

(Gabatee 1).

Gabatee 2: Qindaa'ina raawwii yaalii qorannoo

Garee Yaalii (GY)	Soora idilee	Makaa/hanga soorata yaalii
Yaalii 1 (kunuunsa baramaa)	*Okaa osoo hin daangofne sooratu*	Makaa nyaata hafte warshaa EM *Bokashi malee*
Yaalii 2	*Okaa osoo hin daangofne sooratu*	3% EM *Bokashi* + 97% makaa nyaata hafte warshaa
Yaalii 3	*Okaa osoo hin daangofne sooratu*	5% EM *Bokashi* + 95% makaa nyaata hafte warshaa
Yaalii 4	*Okaa osoo hin daangofne sooratu*	7% EM *Bokashi* + 93% makaa nyaata hafte warshaa

EM WB= Qola qamadii Maayikiroobii bu'a qabeessa buka'ee; CMs= Soorata Makaa furdaa (Keekii sanyii nuugii+ qola qamadii+ Nyaata Vitaaminii makamaa).

Nyaanni dabalataa qabiyyeen badhaadhe qola firii qamadii (furushkaa), haftee cuunfaa nuugii fi hafeen vaayitaaminiifi mineraalli dursee qindaa'e walitti makuun qophaa'e. Makaan nyaataa kun hanga ulfaatina re'ootaa irratti hundaa'uun 2.5% kan dhihaateef yoo ta'u, okaan (marga goggogaa) hangi re'een barbaaddu otoo hin daangeffamiin akka nyaata/soorata idileetti dhihaateef. Akkuma itti makamni EM Bokashi nyaata dabalataa keessatti 3% irraa gara 7% tti dabalamaa deemu fudhatamni soorata gogaa, orgaanikiifi pirootinii dabalaa akka deeme argannoon mul'isa. Gamabiraan, akkuma ittimakamni 3% gara 7%tti dabalaa deemaniin faayiberri gosa adda addaa bulla'insa soorataatti farra ta'an hir'achaa deemani (Gabatee 2).

Gabatee 2: Re'oonni Somaalee gurra gaggabaaboo soora EM *Bokashi* guyyaatti fudhatan

Waan sooratan (gm/Guyyaa)	Yaalii					SEM
	T1	T2	T3	T4	Mean(±)	
DMI	589.7[c]	686.6[b]	752[b]	824.5[a]	713.20	18.5
OMI	558[d]	659.7[c]	749.7[b]	828.3[a]	698.93	17.8
CPI	97.7[d]	113[c]	139.6[b]	159[a]	127.33	2.5
NDFI	466[a]	432[ab]	398[b]	397.9[b]	423.48	17.0
ADFI	191.8[a]	165.5[ab]	128[c]	148.5[bc]	158.45	9.0
ADLI	113.8[a]	92.8[b]	83.5[b]	89.5[b]	94.90	5.2

[a-d] Means bearing different superscripts within factors across columns are significantly different at $P < 0.05$; SEM= Standard Error Mean; EM= Effective Microorganism; DMI= Dry Matter Intake; OMI= Organic Matter Intake; CPI = Crude Protein Intake; NDFI= Neutral Detergent Fiber Intake; ADFI= Acid Detergent Fiber Intake; MEI= Metabolizable Energy; T1= Ad libitum Grass Hay + 100% CMs+ 0% WB *Bokashi*; T2 = Ad Libtum Grass Hay + 3% WB *Bokashi* + 97% CMs; T3 = *Ad Libtum* Grass Hay + 5% WB *Bokashi* + 95% CMs; T4 = Ad Libtum Grass Hay + 7% WB *Bokashi* + 93% CMs.

Kanneen EM Bokashi hinkennamneefiin yoo madaalaman, re'oonni EM Bokashi nyaatan soorata bulleessu irratti fooyya'oodha (Gabatee 3). Bu'aan kun argamuuf qolli seelii biqilootaa (cell wall) lubbu qabeeyyii xixiqqoon (microbial) bulbulamuu/baqfamuu (solubilization) ykn sadarkaa qolli seelii itti caccabu dabaluu irraa ta'uu mala.

Gabatee 3: Sadarkaa bullaa'insaa (%) EM *Bokashi* re'oonni Somaalee nyaatan

Kunuunsa	Yaaliwwan				SEM
	GY1	GY2	GY3	GY4	
DM	72.29[b]	78.55[ab]	80.34[a]	83.50[a]	1.82
OM	73.2[b]	77.1[ab]	80.5[a]	82.4[a]	1.73
CP	57.3[c]	68.0[bc]	77.7[ab]	81.9[a]	2.99
NDF	63.9[b]	71[ab]	80.3[a]	77.4[a]	2.78
ADF	42.9[b]	45.5[ab]	56[ab]	61[a]	4.69

[a-d] Means bearing different superscripts within factors across columns are significantly different at $P < 0.05$; SEM= Standard Error Mean; T1= Ad libitum Grass Hay + 100% CMs+ 0% WB *Bokashi*; T2 = Ad Libtum Grass Hay + 3% WB *Bokashi* + 97% CMs; T3 = *Ad Libtum* Grass Heild + 5% WB *Bokashi* + 95% CMs; T4 = Ad Libtum Grass Hay + 7% WB *Bokashi* + 93% CMs.

Korbeeyyii kan yaalii biraa keessatti sooramaniin yoo dorgomsiifaman, korbeeyyiin nyaata dabalataa EM *Bokashi* 7% waliin walitti makame sooratan ulfaatina qaamaa olaanaa (27.9 kg) irra kan qaqqaban yoo ta'u, guyyaatti daballii ulfaatinaa giddu-galeessaa fi ga'umsa jijjiiramummaa soora fooyya'aa agarsiisan. (Gabatee 4).

Gabatee 4: Jijjiirama ulfaatina qaamaa re'oota Somaalee EM *Bokashi* sooratan

Qiyaasa ulfaatinaa	Yaaliwwan				SEM
	GY1	GY2	GY3	GY4	
IBW (kg)	17.5	18.2	18.2	18.6	0.56
FBW (kg)	18.8[c]	23.2[b]	25.6[ab]	27.9[a]	0.72
ADG (g/d)	13.3[c]	54.9[b]	82.6[a]	103.3[a]	5.98
FCE	0.02[c]	0.08[b]	0.1[ab]	0.124[a]	0.01

FBW=ulfaatina xumuraa; ADG= giddu galeessaan guyyaatti jiiirama jiru; FCE= ga'umsa jijjiirama sooraa

Ulfaatinni qaama qalmaa ho'aafi qorraa, persentaa ulfaatina/oomisha foonii (dressing percentage) fi yabbina coomaa hanguma waldhaansi EM-*Bokashi* 3% irraa gara 7% tti dabalaa deemeen dabalaa deemani (Gabatee 5). Korbeeyyiin nyaataa EM *Bokashi-n* deeggarame sooratan kanneen deeggarsa kana hinargatiinirra qabiyee qaama qalmaa (foon diimaa, coomaafi lafee) olaanaa qabu. Xumura irratti, re'oonni yaalii EM *Bokashi* keessa jiran kanneen EM Bokashi keessa hinturreerra dirra isaaniirra foon furdaa fi cooma yabbuu ta'e qabu.

Gabatee 5: Bu'aa qalmaafi yabbina coomaa re'oota Somaalee EM *Bokashi* sooratanii

Safartuu	Yaaliwwan				Hiika
	GY1	GY2	GY3	GY4	
HCW (kg)	6.6	10.3	11.9	13.7	10.63
CCW (kg)	6.2	9.6	11.1	12.8	9.93
Lean (kg)	1.90	2.76	3.10	3.20	2.74
Bone (kg)	0.88	1.27	1.39	1.55	1.27
Fat (kg)	0.36	0.66	0.77	1.00	0.70
RDP (%)	44.9	54.3	58.7	61.6	54.88
REA(Inch sqr)	0.54	0.601	0.63	0.71	0.62
FT (mm)	1.40	2.81	2.94	3.30	2.61

HCW = ulfaatinaa *reeffa* ho'aa; CCW = ulfaatina *reeffa* qorraa; RDP = Persentaa foon sirrii (EBW); REA=naannoo lafee cinaachaa; FT = yabbina coomaa;

Yaada Imaammataa

- Yuunivarsiitiwwan, wiirtuwwan qorannoo, waajjiraalee qonnaa, dhaabbilee mit-mootumaafi qaamoleen dhimmi kun ilaallatu hundi barbachisummaa, adeemsa qophaa'insaafi itti fayyadama EM Bokashi irratti qonnaan bultootaafi hojjettoota misoomaaf leenjii kennuu qabu.

- Namoonni dhuunfaafi yuuniyeenonni sadarkaa gara garaan re'ee gabbisuu irratti bobba'an EM Bokashi akka tajaajilaman gorfamu.

- Ministeerri qonnaafi dhaabbileen mit-mootummaa tajaajila EM Bokashi babal'isuu irratti hojjechuu qabu.

Qaliiwwan (Butcheries) Baha Itiyoophiyaaf Leenjii Kennuun Qulqullinniifi Foon Fayyaalessi Akka Argamu Tumsu

Adam Hiikoo[1*], Getaachoo Shelfaa[1], Siisay Girmaa[1], Yisiihaaq Yusuuf[2], Dabalii Taddasaa[1,3]

[1]Kolleejjii Fayyaa Beeyladaa, Yuunivarsiitii Haramaya, Itoophiyaa; [2]Kolleejjii Qonnaa fi Saayinsii Naannoo, Yuunivarsiitii Haramaya, Itoophiyaa; [3]Mana Barumsaa Fayyaa Beeyladaa, Yuunivarsiitii Dambii Dolloo, Itoophiyaa

Ergaawwan Ijoo

- Leenjiin hojjettoota mana foon qalaniif (butcheries) kenname faalama fi tamsa'ina baakteeriyaa Staphylococcus aureus %52.4 irraa gara %11.9tti haalaan hir'isuun hojii qulqullinaa fooyyessuu keessatti bu'a qabeessummaa agarsiisa

- Leenjii booda faalama Staphylococcus aureus saamuda naannoo (%41.66) fi foon (%26.7) irratti hir'inni guddaan mul'ateera.

- Baakteriyaan (S. Aureus) adda baafaman farra baakteeriyaa amoxicillin (88.68%) fi pencillin-G (79.25%) dandeettiin ofirraa ittisu isaanii olaanaa ta'uun isaa of eeggannoodhaan farra baakteeriyaa fayyadamuu fi hordoffii itti fufiinsa qabu barbaachisaa ta'uu agarsiisa.

Seensa

Haalli nyaata itti qaban gadi bu'aa, seerri nyaanni ittiin qabamuu malu dhibuu, tooftaa itti kunuunsan laaffachuu, meeshaalee nyaanni ittiin qabamaniif maallaqni dhibuufi qaamolee nyaata kunuunsan dhibeewwan nyaatarraa maddan irratti barnoota dhabuun qabatamaan mul'ataniiru. Bu'aalee horii, kanneen akka foonii, baakteeriyaas ta'e vaayireesota dhibee fidaniif sababa olaanaa ta'uun beekama. Qulqullinni waantota (gabatee irratti

muran, albeewwan, madaalliifi kan foon muran) naannoo dukaana qalmaa gadi bu'uu, hanqina hubannoo irraa kan ka'e qulqullinni nama dhuunfaas gadibu'aa ta'uuti akka Itiyoophiyaatti gabaafame. Foon ciccirame irratti baakteeriyoonni dhibee fidan jiraachuufi meeshaalee mana foonii irrattis hangi baakteeriyoota kanaa ho'a guyyaan wal qabatee dabaluunis gabaafameera. Kana biraan, dhibeewwan fayyaa hawaasaaf yaaddoo ta'an fooniifi naannoon wal qabatanii akka mudatanis qaama gabaasaati. Dhibeen tuttuqqaa fooniin wal qabatanii mudatan E. coli, Salmonella, fi S. aureus, saamudota foon hinmummuramiin irratti 29.17%, 4.17%, fi 37.5%; kan mummurame irratti ammoo 43.75%, 6.25% fi 37.5% ti mul'atani. Kana malees, bakkeewwan Ityoophiyaa adda addaa irraa manneen foon qalmaa keessatti dhibeen qoricha dandamatu jiraachuun gabaafameera.

Adeemsa sakatta'insaan, xiinxala baakteeriyaafi vaayireesii dhibee fidaniifi bar-gaaffii tajaajila-muun madaallii ga'umsa leenjii qulqullina nyaataa irratti kennameen, qorannoowwan gara garaa faalama foonii hir'isuuf leenjii hojjettootaaf barbaachisu irratti yaaddootu jira. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa Staphylococcus aureus fayyadamuun manneen foonii Itiyoophiyaatti foon bifa qulqullina qabuun akka qabatan irratti fooyya'insa jiru sakatta'uudha.

Malaafi Argannoo

Magaalota baha Itiyoophiyaa keessaa filataman (Haramaya, Awaday, Malk-Rafu and Harar towns) keessatti qaliiwwan jiran irratti qorannoon hawaasa gara garaa irraa ragaa funaanameen Sadaasa 2020 hanga Waxabajji 2023 tti gaggeeffame. Marsaa lamaan saamudni fudhatame. Saamudi duraa qaliiwwan 30 utuu leenjiin haala foon qulqullinaan itti qabatan irratti hinkennamiiniifi kan lammataa leenjiin boodadha. Ida'amaan saamuda 210 (cinaacha, mi'a garaa, miilla (crutch) fi naannoo armaa irraa) fi saamuda naannoo (dhiqaa gabatee, albee, waan foon irratti fannifamu, lafaafi harka namootaa) irraa marsaa hundaan ragaan fudhatameera. Saamuda fudhatame hedduu keessaa kanneen S. aureus qaban adda baasuun leenjiin guyyaa lamaa kennameef. Akkaataa Vaz et al. (2005) yaada kenne irratti hundaa'uun, adeemsa qabannaa nyaata (foon) irratti to'annoofi dadammaqinsa kennuuf manneen daldala foonii keessaa bakka bu'oota fudhachuun hojjettootaaf yaaxxina (theoretical) fi qabatamaan raawwachuu irratti leenjiin kennameera. Baatii lama booda, lakkoofsaafi gosa saamudaa hunda irraa qorannoon
S. aureus taasifame. Marsaa duraan S. aureus adda baafaman keessaa filannoo mit-carraan (random) 53 qofa irratti farra baakteeriyaa dandama-chuu isaanii mala Kirby-Bauer disk diffusion tajaajilamuun qorannoon taasifame.

Guutummaa saamudaa manneen foonii 210 fudhataman keessaa mudannoo S. aureus leenjiin duraafi booda 51.4% fi 11.90% n (garaa garummaa 39.5%) jijjiiramni qabatamaa mul'ateera. Faalamni S. aureus gadi bu'uun, kan naannoo (41.66%) fi kan foonii (26.70%) ti mul'ate. Utuu leenjiin hinkennamiin dura mudannoon S. aureus naannoofi saamuda foonii keessa jiru qixa ture. Leenjiin booda garuu jijjiirama qabatamaati (P = 0.03) mul'ate. Akka waliigalaattiifi saamuda naannoon, leenjiin booda gadi bu'eera (p < 0.001). Leenjiin booda hir'inni S. aureus naannoo, fooniifi saamuda waliigalaa irratti jiru dachaa 3, 9 fi 7 olidha. Qaliiwwan 30 (100%) hundi dhiira. Barnootaan, 11 (36.67%) sadarkaa gadii, 12 (40%) umruu 26–30 gidduufi 13 (43.33%) hojii mana foonii muuxannoo waggaa 1-2 qabu.

Lakkoofsa qaliiwwaniifi mudannoo S. aureus ilaalchisee, leenjii duraafi booda 50% fi 46.7% ti calaqqise. Akkaataa umuriifi sadarkaa barnoota isaaniin, namoota digirii qabaniin ala S. aureus hunda isaanii irratti mul'ateera. Leenjiin booda jijjiiramni qabatamaa hir'achuu S. aureus irratti mul'ateera.

Farra baakteeriyaafi vaayireesii kan dandamatan saamudni S. aureus 53-nis qoratamaniiru. Amala saaxilamummaa maayikiroobiyaalii hundaan qorannoo farra maayikiroobiyaalii (gentamicin) taasifame hundaan saaxilamoo akka ta'aniifi hubaatii hamaa baakteeriyaa yaaluuf dawaa farra baakteeriyaa (vancomycin) dandamachuun isaanii argameera. Kanneen adda baafaman keessaa hedduun isaanii faarra baayotiksiiwwan akka chloramphenicol (83.02%), sulfamethoxazole-trimethoprim (69.81%) fi erythromycin (60.38%) jiraniif kan saaxilamanidha. Akkasumas, harki caalmaan isaanii amoxicillin (88.68%) fi penicillin-G (79.25%) dandamataniiru. Dawaa qindeef-faman (generic) walitti makaman dandamannaan garee (n= 53) ammoo faca'insa mul'ise. Qoricha qindaa'an lama (beta lactam and glycol-peptide group) sadarkaan dandamannaa saamudaa 67.92% dha. Dawaa 3 fi isaa ol irraa qindaa'aniin dandamannaan saamudaa 16(30.19%) dha. Saamudi lama (3.77%) dawaa afur (beta lactam, sulfonamide, macrolides and glycol-peptide groups) qindaa'an dandamatani.

Yaada Imaammataa

- Ministeerri Fayyaa fi biirooleen fayyaa naannoo haala foon qulqullinaan qabamuu fi itti fayyadama farra maaykiroobiyaanii sirrii ta'e fi tamsa'ina paatojeenoota farra maaykiroobiyaanii dandamatan hir'isuu irratti leenjii itti fufiinsa qabu kennuu qabu.

- Ministeerri fayyaa, dhaabbileen mit-mootummaafi qaamolee dhimmi kun ilaallatu fooyya'insa qabatamaafi waarawaa mirkaneessuf deeggarsa meeshaaleefi to'annoo itti fufinsaa taasisuu qabu.

Gosa Dhibee Tiruu Siiroosis fi Walitti Dhufeenya Aflatoxin B₁ Waliin Qabu Baha Itiyoophiyaatti

Abrahaam Makuriyaa[1], Lei Xia[3], Takaabee Abdoosh[1], Solomoon Bishaw[1], Zalaalem Taklemariyaam[1], Tashoomee Nadhii[1], Tafarraa Abbulaa[1], Ifireem Ingidaawarq[1], Yun Yun Gong[3]

[1]Kolleejjii Saayinsii Fayyaa, Yuunivarsiitii Addis Ababa, Finfinnee, Itoophiyaa
[2]Kolleejjii Saayinsii Fayyaa fi Meedikaalaa, Yuunivarsiitii Haramaayaa, Harar, Itoophiyaa;
[3]Yuunivarsiitii Liidsi, Liidsi, Yunaayitid Kingidam

Ergaawwan Ijoo

- Dhibeen tiruu Siiroosis (liver cirrhosis) jedhamu hamma Aflatoxin B1 albumin ((≥8.6 pg/mg) dhiiga keessa jiru waliin walitti dhufeenya cimaa qaba.

- Gar-malee olka'uun ykn dabaluun hamma Aflatoxin B1 balaa dhibee tiruu siiroosisif nama saaxila. Akkasumas, sababoonni akka umriin dabaluu, hojiidhaan qonnaan bulaa tahuu, maatii keessaa namni dhibee tiruu qabu jiraachuu fi infeekshinii dhibee tiruu kan tahe vaayrasii hepatitis B, carraa dhibichaan qabamuu ni dabalu.

Seensa

Dhukkubni tiruu cirrhosis, kan beekamu boca tiruu jijjiiruufi bocni biraa (nodule) uumamuun dhukkubbaafi du'aatii dhukkubsattoota tiruuf sababa guddaadha. Innis dhimma fayyaa addunyaafi du'aatii bara 2019, %2.4 tiif itti sababa ture (Huang et al., 2023). Itiyoophiyaatti cirrhosis tiruu sadarkaa ajjeesummaa isaan, namoota 100,000 keessaa 24 ajjeessuun sadarkaa 7ffaarra jira. Baroota kana keessa yaalli isaa fooyya'insa qabaatus, ilaalcha dhukkubsattoonni qaban gadibu'aadha. Kanaafuu, sababoota dhibee kanaa ittifamuu danda'an adda baasuufi to'achuuf dursa kennuu barbaachisa. Dhibeen kun sababoota gara garaa irraa kan maddu yoo ta'u, furdina qaamaa humnaa olii, dhukkuba cooma tiruu alkooliin alaa, alkoolii hedduu fayyadamuufi infeekshinii vaayireesii (HBV or HCV) Hepatitis B ykn Cn qabamuu dabalata (Huang et al., 2023; Wang et al., 2022). Dabalataan, kan dhukkuba kana fidan hookkaramuu, dhibee kooleestikiifi ayreeniin heddummachuun qooda ba'an qabu. Dhibee kanaan wal qabatee hubannoo guddaa qabaannus, biyyoota Afrikaa Sahaaraan gadii keessatti dhibee tiruu cirrhosis galmaa'an keessaa 1/3 sababni isaanii hinbeekamu (Mokdad et al., 2014). Qorannoon baha Itiyoophiyaatti amma dura gaggeeffaman dhibeen tiruu cirrhosis % 55 oliif madda isaaf waan mirkanaa'aa hinkeenye. Tiishuwwan qorataman akka mul'isanitti, dhibeen kun madaa tiruu hamaa uumuun qorannoofi odeeffannoon dabalataa fudhatamuu akka malu mul'isu.

Midhaan nyaataa aflatoxin B1 (AFB1) qabuuf saaxilamuu, fangasii summaa'oo Aspergillus flavus and Asper-gillus parasiticus-n maddan, dhibee tiruu cirrhosis akka muudatuuf qooda olaanaa taphatu. Qorannoo yeroo dhihoo Guatemala-tti taasifameen AFB1-f saaxilamuufi dabalaa adeemuu dhibee tiruu cirrhosis gidduu hariiroo guddaatu jira. Baha Itiyoophiyaatti qorannoowwan muraasa gaggeeffamaniin faalamni bishingaafi ochooloonii keessa jiru sadarkaa rifachiisaa hamma AFB1 mul'isu. Haata'uutii, AFB1 saaxilamuun dhibee tiruu cirrhosis faana hariiroo qabaachuu ragoota muraasatu jira. Kanaafuu, qorannoo kun akka baha Itiyoophiyaatti aflatoxin-tti saaxilamuun yaaddoo dhibee tiruu cirrhosis sababa ta'uu sakatta'uuf karoorfame.

Gabatee 1: Loojistikii dachaan jijijjiiramtoota ofdanda'oo xiinxala sababoota tiruu baha Itiyoophiyaa 2020/20 tilmaamuuf

Vaaraabiloota	Qooddii	Cases n (%)	Control n (%)	COR (95% CI)	AOR (95% CI)
Saala	Dhiira	84 (66)	144 (57)	1.5 (0.9, 2.3)	1.0 (0.6, 1.9)
	dubara	43 (34)	109 (43)	1.00	1.00
Umurii	<35	65 (51)	125 (49)	1.00	1.00
	35-44	23 (18)	48 (19)	0.9 (0.5, 1.6)	0.5 (0.3, 1.1)
	45-54	18 (14)	32 (13)	1.1 (0.6, 2.1)	0.7 (0.3, 1.5)
	55 fi ol	21 (17)	48 (19)	0.8 (0.5, 1.5)	0.4 (0.2, 0.8) *
Bakka jireenyaa	Magaalaa	20 (16)	78 (31)	1.00	1.00
	Baadiyyaa	107 (84)	175 (69)	2.4 (1.4, 4.1)	1.0 (0.5, 2.0)
Haala fuudhaa	Kan hinfuune	14 (11)	52 (20)	0.5 (0.3, 0.9)	0.7 (0.3, 1.6)
	Fuudhe/eerumte	110 (87)	194 (77)	1.00	1.00
	Hiikkaa/du'a	3 (2)	7 (3)	0.8 (0.2, 3.0)	1.4 (0.3, 7.6)
Barnoota idilee	Lakki	102 (80)	140 (55)	1.00	1.00
	Eeyyee	25 (20)	113 (45)	0.3 (0.2, 0.5)	0.6 (0.3, 1.3)
Hojii	Qotee bulaan ala	23 (18)	120 (47)	1.00	1.00
	Qotee bulaa	104 (82)	133 (53)	4.0 (2.4, 6.8)	3.0 (1.5, 6.0) *
Jimaa qama'u	Lakki	48 (38)	132 (52)	1.00	1.00
	Eeyyee	79 (62)	121 (48)	1.8 (1.2, 2.8)	1.3 (0.7, 2.4)
Tinboo xuuxuu	Lakki	99 (78)	221 (87)	1.00	1.00
	Eeyyee	28 (22)	32 (13)	2.0 (1.1, 3.4)	1.4 (0.7, 2.8)
Madaallii ulfaatinaafi dheerinaa	Giddugaleessa	73 (58)	162 (64)	1.00	1.00
	Gadi bu'aa	45 (35)	82 (32)	1.2 (0.8, 1.9)	1.4 (0.8, 2.3)
	Umnaa'ol	9 (7)	9 (4)	2.2 (0.8, 5.8)	1.8 (0.6, 5.7)
Seenaa maatii dhibee tiruu	Lakki	111 (87)	245 (97)	1.00	1.00
	Eeyyee	16 (13)	8 (3)	3.5 (1.5, 8.0)	2.9 (1.1, 7.9) *
HBV qabamu	Lakki	100 (79)	239 (94.5)	1.00	1.00
	Eeyyee	27 (21)	14 (5.5)	4.6 (2.3, 9.2)	4.0 (1.9, 8.8) *
sadarkaa AF-alb adduct	Kan adda hinbaane	32 (25)	91 (36)	1.00	1.00
	Gadi bu'aa	38 (30)	91 (36)	1.2 (0.7, 2.1)	1.2 (0.6, 2.2)
	Olaanaa	57 (45)	71 (28)	2.3 (1.3, 3.9)	2.0 (1.1, 3.7) *

Note: *p value < 0.05; AF-alb, aflatoxin B1 (AFB1)-albumin adduct; AOR, Adjusted Odds Ratio COR, Crude Odds Ratio; HBV, Hepatitis B Virus.

Malaafi Argannoo

Baha Itiyoophiyaa magaalaa Harar, Amajji 1, 2020 hanga Gurraandhala 31, 2021tti hoospitaala Caffee ykn Hiwoot Faanatti Hiwot Fana Comprehensive Specialized University Hospital (HFCSUH) keessatti qorannoon gaggeeffamee ture. Akka waliigalaatti namoota dhibee tiruu cirrhosis qaban 127 fi dhibee kana hin qabne 253 meeshaa ultrasound-iin irratti hundaa'uun qorannoon irratti adeesifamee ture. Af-gaaffii qindaa'aafi uunkaa tarreeffaman fayyadamuun odeeffaannoon, haala jireenyaafi yaalii irratti ragaan funaanameera. Dabalataan, sadarkaa tajaajila tiruu madaaluuf saamudi dhiigaa vaayireesii (HBV) hepatitis B, vaayireesii (HCV) hepatitis C fi aflatoxin-albumin assay hirmaattota hunda irraa fudhatameera. Hariiroo cirrhosis tiruufi jijjijiiramoo of danda'oo (independent variables) gidduu jiru mala istaatistikiin xiinxalamani.

Akka argannoon argisiisutti namoota dhibee tiruu cirrhosis qabu keessaa harki 75 AF-Alb akka qaban yoo mul'isu namoota dhibee tiruu cirrhosis hin qabne immoo %64 AF-Alb qama isaanii keessaa akka qaban agarsiisa. Giddugaleessaan dhukkubsattoota dhibee tiruu cirrhosis qaban keessatti AF-Alb 11 pg/mg (IQR: 5.5-25) mul'ata. Namoota dhibee tiruu cirrhosis hinqabne keessatti hammi AF-Alb 7.0 pg/mg (IQR: 4.3-20.5) caaluun gama istaatistiksiin (p<0.05) ta'uu mul'isa (Gabatee 1). Hirmaattota umriin 55 fi isaa olii kan umriin 35 fi isaa gadiin yoo madaalaman carraan dhibee tiruu cirrhosis qabamuu %60n gadi bu'aadha. Dhukkubsattoonni qonnaa irratti bobba'aniifi seenaa maatii isaanii keessa dhibeen tiruu jiraachuu kanneen kaaniin yoo madaalaman carraan dhibee tiru cirrhosis qabamuu isaanii dachaa 3- fi 2.9n caalu.

Vaayirasiin Hepatitis B dhukkubsattoota keessa jiraachu (seropositive) carraan dhibee tiruu cirrhosis qabamuu isaanii dachaa 4n dhukkubsattoota vaayirasii sana irraa bilisaa (seronegative) caala. Carraan dhukkubsattoota AF-alb olaanaa qaban cirrhosis tiruun qabamuu kanneen keessatti hinargamerra dacha lamaan caalu.

Yaada Imaammataa

- Ministeerri Qonnaafi qaamni dhimmi isaa ilaallatu hundi sonoota nyaataa oomisha duraafi boodaa keessatti tooftaa faalama AFB_1 itti hir'isan uumuufi hojiirra oolchuu qabu.

- Summii AFB_1 hir'isuuf, Ministeerri Qonnaafi qaamni dhimmi ilaalu sadarkaa AFB_1 nyaataafi soorata keessa jiru walitti fufinsaan madaaluu qabu.

- Ministeerri Fayyaa dhibee tiruu cirrhosis yeroo hunda dhukkubsattoota vaayirasii hepatitis B fi dhukkuba tiruu seenaa maatii keessaa qaban adda baasuu qaba.

- Yaaddoo AFB_1-f saaxilamuufi hariiroonni tiruu faana qaburraa ka'uun qaamni dhimmi ilaalu qotee bulaa, daldalaafi fayyadamtoota haala itti nyaata qulqullinaan qabatan irratti duula dadammaqinsaa gaggeessuu qabu.

Dhibeen Sammuu (Schizophrenia) Baha Itoophiyaatti Dabalaa Jira

Fatiyaa Mohammed[1*], Biiftuu Gadaa[2], Tasfaaye Assabee[1], Yaadataa Dassee[1]

[1]Kolleejjii Fayyaa fi Saayinsii Meedikaalaa, Yuunivarsiitii Haramaya, Itoophiyaa; [2]Mana Barumsaa Saayinsii Fayyaa, Yuunivarsiitii Madda Walaabuu, Shaashamannee, Itoophiyaa

Ergaawwan Ijoo

- Baha Itoophiyaatti dhukkubi sammuu hamaan schizophrenia jedhamu bara 2016 tti %57 kan ture bara 2020 tti gara %65tti guddate.

- Dhibeen sammuu kun hoji-dhabdummaa, sadarkaa barnootaa, maatii keessa seenaan dhukkuba sammuu jiraachuu fi waantoota sammuu namaa adoochan hedduu tajaajilamuun walitti dhufeenya cimaa qabata ture.

- Namoonni dhikkuba sammuu kana qaban %44.57n qoricha farra dhibee sammuu seeraa hin hordofne. Kunis qoricha dhibee sammuu dhaloota tokkoffaa akka yaalaman, dhukkuba isaaniif xiyyeeffannoo kennuu dhabuufi dhiibbaa dawaa irraa mudatuun walitti dhufeenya cimaa qabata ture.

- Waantoota sammuu namaa adoochan gosa hedduu fayyadamuufi amala ofiin hawaasa keessaatti gad-aantummaan itti dhagahamuum warren dhukkuba kanaaf gumaacha godhu.

Seensa

Schizophrenia-n dhibee sammuu cimaa ta'ee yaada dogoggoraa, xebenaafi mallattoolee fafee ta'een kan calaqqisufi yeroo baayyee xumura umrii dargaggummaa ykn jalqaba umrii ga'eessummaatti kan jalqabuudha. Sababni qabatamaan inni ittiin dhufu wallaalamus, dhalootarraa, naannoon, akkasumas dhiibbaa amalaa irraa kan ka'e dhibee kana fiduu irratti dhiibbaa geessisuu malu. Schizophrenia-n rakkoo fayyaa hammaataa addunyaa tilmaamaan namoota miiliyona 24 waggaatti hubudha. Kanneen keessaa, miiliyona 15 ol Chaayinaa fi miiliyonni 5 Afrikaadha. Akka dhiibbaa dhukkuba addunyaatti sadarkaa duraa kudhan keessa jira. Haala jireenyaa fayyaalessa hintaane kanneen akka furdina humnaa olii, itti fayyadama waantota sammuu adoochaniifi of ajjeesuun sadarkaa olaanaa qabaachuun carraa lubbuun jiraachuu eegamu waggoota 10-25 hir'isa. Dawaan Antipsychotic yaala yeroo dheeraa barbaadu waanta'eef, haalaan fudhachuun nama rakkisa. Kunimmoo bu'aa fafee akka deebi'anii dhukkubsachuu, hospitaala ciisuu fi of ajjeesuu fiduu danda'a. Dhibeen schizophrenia qulqullina jireenyaa irratti dhiibbaa guddaa kan qabu ta'ee, xebena, dogoggra, hanqina hubannoofi hawaasummaan adda baafamuu qaba. Kanuma sababeeffachuun Itiyoophiyaan Ajandaa Guddina Itti fufiinsa Qabuu 2030 madaqfachuun dhibee sammuu akka schizophrenia hir'isuufi karoora fayyaa sammuu qindaa'aa qopheeffatteetti.

Malaafi Argannoo

Qorannoon kun nmoot dhibee smmuun bmnii br 2016 hanga bara 2020tti hospitaalatti yaalamaniii galmee yaalaa qaban 29,184 irratti gaggeeffameera. Dabalataanis Qorannoon hospitaala irratti hundaa'e kan haala to'annoo walsimsiisu dhukkubsattoota dhibee

iskiizoofreeniyaa qaban 218 fi namoota fayyaa qaban 218 umuriin isaanii waggaa ≥ 18 ta'ee fi yeroo walfakkaataatti hospitaala daawwatan kan hammate yoo ta'u, qorannoon qaxxaamuraa hospitaala irratti hundaa'e dhukkubsattoota 909 irratti gaggeeffameera. Gaaffiin caaseffama qabu odeeffannoo waa'ee amala hawaas-dimoogiraafii, sababoota kilinikaa fi odeeffannoo waa'ee itti fayyadama wantootaa kan akka Alkoolii, Tamboo Xuuxuu fi qorchoota biroo fayyadamuu argachuuf (ASSIST) fayyadameera (Group, 2002). Haala Qoricha farra dhibee smmuu hordofuu ilaalchisee kan ittin safarame, Iskeelii Madaallii Dhuunfaa Qoricha (MARS) kan fooyya'e fayyadamuun yoo ta'u, kunis iskeelii of-gabaasaa qabxiilee 10 qabudha. Qulqullina jireenyaa madaaluuf, World Health Organization Quality of Life Assessment Short version (WHOQOL- BREF), qabiyyee 26 qabu, gaaffilee dimshaashaa ofiin of oogganuufi skeeliin isaa haarawni WHOQoL-100 tajaajileera (Organization, 1998). Meeshaan kun tuuta afur qabu: fayyaa qaamaa (qabiyyee 7), fayyaa xiin-qalbii (qabiyyee 6), hariiroo hawaasummaa (qabiyyee 3), tuuta fayyaa naannoo (8) akkasumas hubannoo qulqullina jireenya isaanii irratti qaban qabiyyeew-wan lama waa'ee nama dhuunfaa qofaatti galmaa'anidha. Kanaafuu, qabxiileen madaallii kallattii poozetiiviirra jira (kana jechuun, qabxiin dabalaa deemuun qulqullina jireenyaa ibsa) (Skevington et al., 2004). Akka argannoo irraa mul'atetti, umriin hirmaattotaa giddu galeessaan waggaa 34.18 (SD=+10.43) 18-65 gidduu jira. Harki caalaan hirmaattotaa dhiira, saamuda 706 (77.67%) keesaafi harki cinaa (56.55%) hirmaattotaa magaalaatii dhufani.

Dabalataan, hirmaattota keessaa hedduun barnoota idilee kan hinqabneefi harki cinaa (40.70%) isaanii hojii kaffaltii hinqabne hojjetu. Waggaa shan (2016 to 2020) keessatti schizophrenian 57% irraa gara 65% dabalaa deeme (Fakii 1). Barnoota idilee kan hinqabne (AOR: 3.11; 95% CI: 1.30–7.42), gaa'ela qeenxee (AOR: 6.15; 95%CI: 2.47–15.28), hojidhabdummaa (AOR: 4.60; 95% CI: 1.80–11.71), seenaa dhibee sammuu maatii (AOR: 12.21; 95% CI: 4.83–30.00), amma kan tinboo xuuxan (AOR: 2.31; 95% CI: 1.08–4.91), jimaa kan qama'an (AOR: 2.82; 95% CI: 1.23-6.45) fi waantota sammuu adoochan hedduu kan fayyadaman (AOR: 4.45; 95% CI: 1.28–15.45) Schizophrenia-n wliin hariiroo cimaa akka qaban agrsiisa (Fakii 2).

Qoricha anti-psychotic haalaan hordofuu dhiisuun 44.57%n namoota schizophrenia qaban irratti mul'ateera. Gaa'elli qeenxee (AOR=2.478; 95% CI(1.713-3.855), kan ammatti tinboo aarsan (AOR= 2.034; 95 % CI (1.496- 2.674), kan fayyadaman (AOR= 1.991 ; 95 % CI (1.457- 2.719), jimaa kan qama'an (AOR= 2.836; 95 % CI (2.0601- 3.902) fi dhukkuba waggaa ≤ 5 (AOR 1.446; 95 % CI (1.049-1.993), qoricha fudhachuu dhiisuu wliin hariiroo cimaa akka qaban agrsiisa (Fakii 3).

Doommeenota arfan qulqullina jireenyaa keessaa, doommeenii fayyaa naannoo irratti deebi-kennitoonni giddu galeessaa olaanaa 23.39 (±3.64) fayyaa hawaasaa irratti gadaanaa 9.52 (± 2.57) galnmeessan. Qulqullinni jireenyaa doommeenii fayyaa qaamaa kanneen deeggarsa hawaasum-maa gadaanaa qabanii 0.86 (p-value=0.040)-n gadibu'e.

Fakii 1: Guutummaa dhukkubsattoota schizophrenia bara 2016-2020 gidduu jiruu

Fakii 2: Murteessitoota dhibee *schizophrenia* Hospitaalota mootummaa, baha Itoophiyaa filataman

Fakii 3: Sababoota qoricha fudhachuu dhiisuu. Dhukkubsattoota *schizophrenia* qaban Hospitaala mootummaa baha Itiyoophiyaa Mudde 1, 2022 hanga Amajji 31, 2023tti

Qulqullinni jireenyaa doommeenii fayyaa xiin-qabii 0.77(β = -0. 768, P =0.001), waantota sammuu adoochan hedduu kan fayyadamaniifi kanneen deeggarsa hawaasaa gadaanaa qaban 0.48n gadibu'e. Qulqullinni jireenyaa doommeenii hariiroo hawaasaa waantota sammuu adoochan hedduu kan tajaajilaman -0.7(β = -0. 71, P=0.001) fi kanneen ofitti amanamummaa dogoggoraa horatan 0.57 (β = -0.57, P =0.0001)-n hir'ina mul'isani. Qulqullinni jireenyaa doommeenii fayyaa naannoon dhukkubsattoota deeggarsa gadaanaa qaban biratti 0.532(β = 1.125, p-value=0.0001)-n hir'ate.

Yaada Imaammataa

- Ministeerri fayyaa, abbaa taayitaa gumuruukii fi qaamoleen seera kabachiisan waantota sammuu adoochuuf oolan tooftaa ittiin hir'isan irratti hojjechuu qabu.
- Dhaabbileen fayyaa dhaabbilee mit-mootummaa faana qindaa'uun wiirtuu dandamannaa hundeessuufi tajaajila gorsaa kennuu qabu.
- Ooggantoonni hawaasaa, abbootiin amantaa, yuunivarsiitiwwaniifi manneen barnootaa waantota sammuu adoochan fayyadamuun hubaatiinni qabu irratti hubannoo dabarsuu qabu.
- Ooggantoonni hawaasaafi abbootiin amantaa ofitti amanamumuu dogoggoraa hir'isuufi deeggarsa hawaasaa jajjabeessuu irratti qooda olaanaa taphachuu qabu.

Hospitaalota Baha Itiyoophiyaa Keessatti Bakka Baqaqsanii Hodhuutti Dhukkubi Infekshinii Uumamuu Dabaluu fi Of-eeggannoon Ogeeyyiis Gadi-bu'uu

[1]Mohaammad Yusuuf, Burqaa Mohammedsanii, Jamaal Abdalaa, Ahimadmenewer Abduu, Huseen Mohaammad, Mohaammad Abdurkee, Ammee Mahaadi, Fuaad Adam, Abdii Amiin

[1]Kolleejjii Saayinsii Fayyaa fi Meedikaalaa, Yuunivarsiitii Haramaya, Harar, Itoophiyaa

Ergaawwan Ijoo

- Applications Dhukkubsattoonni harka hedduu (13.98%) hospitaalota baha Itiyoophiyaa keessatti yaala baqaqsanii hodhuun booda dhukkubbi infekshinii kan isaan qunnamu yoo ta'u, baakteeriyaan giraam-negaatiivii baay'inaan (%66.10) adda baafamee infekshinii kanaaf sababa ta'uun argameera.

- Bakka baqaqsanii hodhuutti infekshiniin/dhukkubin uumamuun turtii yaala baqaqsanii hodhuun duraa, dhukkubbii duraa, turtii baqaqsanii hodhuu, farra baakteeriyaa /prophylaxis/ infekshiniin dhorkan, fayyaa waliigalaafi gosa madaa baqaqsanii hodhuu waliin walqabatee.

- Qorichoota hedduu dandamachuun baakteeriyoonni addan baafaman keeesa Staphylococcus Species (baakteeriyaa yeroo baayyee gogaa idilee wajjin walqabatu) kanneen baay'inaan argaman yoo ta'u, Klebsiella Spps fi E. coli itti aanan.

- Narsoonni kutaa baqaqsanii hodhuu fi dubartootaa/da'umsaa keessatti hojjetan ulaagaa beekamoo infekshinii ittisan hinordofan.

Seensa

Bakki baqaqfamee hodhame madaa'uun/ infekshiniin gosa madaa yaala fayyaan wal qabatudha. Innis madaa naannoo ykn bakka yaalame fi/ykn tiishotaafi orgaanota gad jiran guyyoota 30 yaalaman keessatti mudata. Dhukkubni kun dhaabbata eegumsa fayyaa keessatti qormaata fayyaa hawaasaa hamaa ta'ee itti fufee jira. Kunis infekshin/madaa hospitaalaa keesati umamufi gayee olaanaa kan fudhatuufi dhukkubsataa baasii fayyaa olaanaaf saaxiluu, dhukkubbiifi lakkoofsa du'aatii akka addunyaatti jiruuf qooda olaanaa qaba. Fooyya'insi gamaa raawwii kutaa baqaqsanii hodhuu, mala meeshaalee qulqulleessuu, tooftaalee gaarii baqaqsanii hodhuufi madaa'uu/ infekshiniin bakka baqaqfamee hodhamee ittisuuf yaaliin jabaa jiraatus, biyyoota guddachaa jiraniif dhibeen kun fayyaa hawaasaaf yaaddoo ta'ee itti fufeera. Ogeessota fayyaa biroo irraa adda ta'ee, narsoonni madaa baqaqsanii hodhuun dhufu ittisuu keessatti itti gaafatamummaa angafaafi qooda olaanaa taphatu. Haata'uutii, mudannoon madaa baqaqsanii hodhuu, farra baakteeriyaa baakteeriyaan fo'aniif saaxilamuufi raawwilee narsonni naannoo baqaqee hodhame irraa madaa'uu ittisuuf hojjetan akka baha Itiyoophiyaatti qorannoon jiru muraasa.

Malaafi Argannoo

Qorannoon hordoffii dhukkubsattootaa hospitaala irratti hundaa'e hospitaala mootummaa baha Itiyoophiyaa keessatti taasifame. Dhukkubsattoonni 801 waldhaansa baqaqsanii hodhuu olaanaa taasifame mala tooftawaan filatamuun bu'aa fedhii irratti hundaa'uun hordofamani.

Akkasumas qorannoon yeroo tokkotti gaggeeffame narsoonni 476 hospitaalota baha Itiyoophiyaa keessa hojjetan kan carraa irratti hundaa'uun kan filatame fudhachuun qorannoon gaggeeffameera. Ragaan kan madde raga dhukkubsataa sakatta'uu, af-gaaffii dhukkubsattootaafi narsootaa, bu'aa isaaf yaala baqafamee hodhame daawwachuufi kunuunsa madaaf ta'u qajeelfama ulaagaa sadarkaa eeggateen hordofuuni. Xiinxala addeessaafi hariiroo tilmaamaafi bu'aa jijjijjiiramoo gidduu jiru madaaluuf moodelli logistic regression hojiirra oolaniiru.

Saamuda kilinikaa madaa huccuu (swab) qorataman keessaa 112 (13.98%) naannoo baqaqfamee hodhame tuqeen baakteeriyaan adeemsa barameen akka guddatu agarsiisa. Infekshiniin/dhukkubin Uumamuu agarsiisa. Baakteeriyaan adda baafaman kana keessaa harki caalaan (%66.1) "gram-negative" dha. Sanyiin Staphylococcus fo'amoo 36 (32.14%) yoo dursu, kana kan hordofan "*Escherichia coli*" 22

(19.6%) fi "Klebsiella: 21 (18.75%) dha. Sanyiin Staphylococcus lakkoofsa ol'aanaa ta'e qoricha farra baakteeriyaa bal'inaan tajaajilan keessaa sadarkaa olaanaan dandamate agarsiiseera; azithromycin (18/36), gentamycin (16/36), cotrimoxazole (15/36), erythromycin (11/36), tetracycline (10/36) and penicillin (10/36), garuu vancomycin-f saxilamummaa gadi aanaa qabu. Sanyiin Klebsiella olaanaan ceftriaxone (15/21), Ciprofloxacillin (10/21), and amoxicillin with clavulanic acid (8/21) makate kan dandamate, garuu meropenam, gentamycin fi piperacillin tazobactam waliin dhihaatuuf ammoo saaxilamaadha. Escherichia coli ammo guddaan ceftriaxone (13/22) and cotrimoxazole (8/22), kan dandamatuuf meropenam, kanneen akka gentamycin fi piperacillin tazobactam waliin kennamuuf kan saaxilame ta'uu mul'isa.

Gabatee 1: Xiinxala amal-danee dhukkubsattoota baqaqsanii hodhuun taasifameef sababoota SSItti hidhatan, Hospitaalota mootummaa baha Itiyoophiyaa, 2024

Vaaraabiloota	Bu'aa SSI		COR(95%CI)	AOR(95%CI)
	Eeyyee L(%)	Lakki L(%)		
Umuriin waggaan				
<=18	12(20.0%)	48(80.0%)	1	
19-40	83(14.6%)	485(85.4%)	0.685(0,349,1.343)	0.700(0.308,1.592)
>40	42(24.3%)	131(75.7%)	1.282(0.623,2.639)	1.203(0.481,3.006)
Koorniyaa				
dhiira	58(21.6%)	210(78.4%)	1.578(1.089,2.312)	.746(0.396,1.404)
Dhalaa	79(14.8%)	454(85.2%)	1	
Gosa madaa				
Qulqulluu	31(7.0%)	414(93.0%)	1	
Faalamee jira	106(29.8%)	250(70.2%)	5.662(3.684,8.704)	14.725(8.210,26.410)*
Turtii hospitaalaa baqaqsanii hodhuun duraa				
<7 guyyaa	118(15.8%)	630(84.2%)	1	
>=7 guyyaa	19(35.8%)	34(64.2%)	2.984(1.646,5.408)	2.452(1.113, 5.402)*
Turtii adeemsa baqaqsanii hodhuu				
Daqiiqaa 30 keessatti	16(10.7%)	134(89.3%)	1	
Daqiiqaa 31-60	29(12.6%)	202(87.4%)	1.202(0.629,2.299)	1.077(0.509,2.282)
Daqiiqaa 60 oli	92(21.9%)	328(78.1%)	2.349(1.332,4.144)	2.598(1.217,5.546)*
Itti fayyadama farra baakteeriyaa				
Fudhatame	87(13.4%)	560(86.6%)	1	
Hinfudhatame	50(32.5%)	104(67.5%)	3.0951(2.062,4.644)	5.506(3.006, 10.084)*

Haala fayyaa guutuu (ASA score)				
<3	109(14.8%)	628(85.2%)	1	
=>3	28(43.8%)	36(56.2%)	4.481(2.627,7.644)	3.497(1.713,7.141)*
Dhukkubni biraa walin jiraachuu				
jira	27(30.7%)	61(69.3%)	2.426(1.477,3.987)	4.088(2.266, 7.375)*
Hin jiru	110(15.4%)	603(84.6%)	1	
Sigaaraa xuuxuu				
Eeyyee	27(30.0%)	63(70.0%)	2.342(1.428,3.840)	1.210(0.560, 2.613)
Lakki	110(15.5%)	601(84.5%)	1	
Jimaa qama'uun				
Eeyyee	74(27.7%)	193(72.3%)	2.867(1.969,4.173)	2.884(1.322, 3.613)*
Lakki	63(11.8%)	471(88.2%)	1	
Haala soorataa				
Ulfaatina idilee	97(14.8%)	558(85.2%)	1	
Ulfaatina gadi aanaa	22(33.3%)	44(66.7%)	2.876(1.651,5.012)	1.881(0.509,2.084)
Ulfaatina garmalee	18(22.5%)	62(77.5%)	1.670(0.947,2.945)	1.030(0.724,2.738)

ASA- American Society of Anesthesiologists

Sababoota akka gosa madaa, turtii hospitaalaa baqaqsanii hodhuun duraa, turtii adeemsa baqaqsanii hodhuu, itti fayyadama farra baakteeriyaa prophylactic/ preventative, haala fayyaa guutuu (ASA score), dhukkubni biraa walin jiraachuu, jimaa qama'uun Infekshiniin/dhukkubin Uumamuuf gahee guddaa qabatee argameera.

Sadarkaan gaariin ittisa madaa'uu bakka baqaqsanii hodhuu taasifamu %56.4 dha. Leenjiin ittisa madaa'uu (AOR=1.69, 95% CI:1.11-2.58), qajeelfama ittisa madaa'uu fayyadamuu (AOR=2.45, 95% CI:1.34-4.47), meeshaalee madaa ittiin yaalan ga'aa dhabuu (AOR=1.81, 95% CI:1.21-2.71), beekumsa gaarii qabaachuu (AOR=1.81, 95% CI:1.21-2.71) fi ilaalcha gaarii qabaachuu (AOR=1.83, 95% CI:1.21-2.77) kanneen jedhan ittisa madaa'uu naannoo baqaqsanii hodhuu mudatu hanbisuuf raawwatamu faana hariiroo murteessoofi sirriidha (Gabatee 1).

Yaada Imaammataa

- Hoggansi kilinika hospitaalaa turtii dhukkubsatoota hospitaalaafi turtii adeemsa baqaqsanii hodhuu hir'isuu irratti cimsanii hojjechuu qabu.
- Tajaajila fayyaa kan kennan dhukkubsattoota yaaddessoo (dhibee dabalataafi amalaan wal qabatu) malaan qorachuufi adda baasuufi haala sanaan balaa madaa'uu hir'isuuf yeroon farra baakteeriyaa prophylaxis kennuufi balaa adeemsa baqaqsanii hodhuu adda baasuu.
- Biirooleen fayyaa bakkeewwan baqaqsanii hodhuu hordofuu, qajeelfama yaalaa ulaagaa eege hordofuu, ittisa madaa'uu/infekshinii sakatta'uufi itti fayyadama farra baakteeriyaa hospitaalaa hordofuu cimsuu qabu.
- Hoggansi hospitaalaa qajeelfama ittisa infekshiniin istaandardaa'aa jiraachuufi salphaatti argachuu danda'uu mirkaneeffachuufi leenjii hojiirraa itti fufinsa qabu ittisa infekshiniin (SSI) irratti kennuu qabu.

Oomisha Naannootti Argaman Irraa Nyaata Dabalataa Da'imanii Gatii Madaala'aafi Sooraan Badhaadhaa Qindeessuu

Anbessaa Girmaa[1*], Solomon Abarraa[1], Shawangizaw Takattal[1], Mikiyaas Kabadaa[1], Jaalanee Galaan[1]

[1]Inistiitiyuutii Teeknooloojii Haramaya, Yuunivarsiitii Haramaya, Haramaya, Itoophiyaa

Ergaawwan Ijoo

- Nyaanni dabalataa daa'imaa soora olaanaa qabuufi miirra namootaa simatu oomisha naannootti argaman kanneen akka boqqolloofi ochooloonii biqile ykn bilchaate, mixaaxisa burtukaanawwaa (orange-fleshed sweet potato) fi raafuu/kurumbaa irraa qophaa'uu danda'a.

- Nyaatni daa'imannii dabalataa soorataan badhaadhe qabiyyee pirootiinii (%15.35-16.39), qabiyyee sooraa murteessoo (iron: 7.16-10.36 mg/100g, β-carotene: 113.40-197.53 mg/100g), faca'insa amala sooraa (391.82-440 Kcal) fi sadarkaa jijijjiiramummaa kanneen soora hinqabne (tannins: 2.22-5.79 mg/100g) qophaa'aniiru.

Seensa

Hanqinni wabii nyaataa fi sooraa biyyoota Saaraa gadii, keessattuu Itiyoophiyaatti, bakka hanqinni nyaataa hamaa dubartoota, ijoolleefi daa'imman hubu jirudha. Fooyya'insi hanga ta'e jiraatus, baay'ina jiru keessaa %21.6 soorata gadaanaa argachaa jira. Baatii 6 booda daa'imman harma hoosisuu qofaan soora isaanii barbaachisu waan galma hingeenyeef hanqina nyaataa irraa kan ka'e daa'imman hedduutu du'a. Daa'imman hedduun carraa nyaataa gosa gara garaa soorachuu, nyaata sooraan badhaadhe dhabuun dhibeefi dhukkubaaf

isaan saaxila. Baha Harargee, bakka nyaanni midhaan callaa soorachuu irratti hundaa'e, dhaabbataan bishingaa soorachuun hanqina viitaaminaafi mineraalaa hammeessuun, hanqina nyaataa dagaagsuutti ce'a. Nyaata soora-danuu gatii madaalawaa oomishaa naannootti argamurraa qindeessuun kan barbaachiseef, nyaanni qulqulluu gabaarra jiran hawaasni galii gadaanaa qabaniif waan hindanda'amneef. Kanaafuu, qorannoo kanaan nyaata dabalataa midhaan gara garaa naannootti argaman qindeessuu irratti xiyyeeffate.

Malaafi Argannoo

Nyaata dabalataa soora-danuu oomisha naannootti argaman kan akka boqqolloo, ochooloonii, mixaaxisa burtukaanawwa (orange-fleshed sweet potato) fi kurumbaa/raafuu irraa qindaa'a. galteen isaa kan argame qotee bulaa naannoofi Yuunivarsiitii Haramaayaa irraati. Saamudi qophii mixaaxisa burtukaanawwa fi kurumbaa, daakuu boqolloofi ochooloonii biqile ykn bilchaate waliin waliitti makuudha. Qabiyyee kanneen hanga gara garaan walitti fiduun sukkaaraa %4.5 fi soogidda %0.5 itti dabaluun nyaata dabalaa 8, kg 1/2 qophaa'e. Wantoonni kunniin pirooppoorshinii adda addaatiin walitti makuun nyaataa dabalataa daa'imanni gosa saddeet walakkaa kilograamaa sukkaara %4.5 fi soogidda %0.5 itti dabalatuun qopha'eera.

Qindaa'inni F1-F4 jiran kan qophaa'an boqqolloofi ochooloonii bilchaate irraa yoo ta'u, F5-F8 ammoo kan biqile irraati. Filannoon kan taasifame ga'umsa yaalii duraa qabiyyee sooraa murteessoo gaarii agarsiisuu, hangaafi amaloota tajaajila daakuu sanaa irratti hundaa'e (Gabatee 1). Qindoominni kan walitti dhufu akkataa daa'imaaf ta'a jedhamee taa'e, tokkoon tokkoo isaanii reeshoo sirriin daanga'uutiini.

Bu'aan xumuraa sukkaara 4.5% fi soogidda 0.5% ida'uun haala sirriin saamsamee ol kaa'ama. Ga'umsa soora isaa madaaluuf jiidhina, pirootinii, cooma, kaarboohayidireetii, hanga anniisaa, albuudaafi qabiyyee beetaa-karootiiniif isaa mala ulaagaati tajaajilame. Dabalataan, farri sooraa (tannins and phytic acids), amaloota raawwii kanneen akka bishaan xuuxuu, bulbulamuufi gama yaala dhamdhamaan fudhatamummaa miiraa isaa murtaa'e dha.

Gabatee 1: Haala soorri makaa oomishoota addaa irraa itti qopha'ee

Foormulaa (F)	Reeshiyoo (%)			
	Boqqolloo bilchaate	**Ochooloonii bilchaate**	**OFSP**	**Kurumbaa**
F1	60	15	10	10
F2	55	10	15	15
F3	50	15	20	10
F4	45	10	25	15
	Boqqolloo biqile	**Ochooloonii biqile**	**OFSP**	**Kurumbaa**
F5	60	15	10	10
F6	55	10	15	15
F7	50	15	20	10
F8	45	10	25	15

Madaalliin sooraa kan mul'isu bu'aa abdachiisaa, gama qabiyyee sooraa madaaluun hojjechuufi vayitaaminootaafi mineraalota barbaachisoo dabaluun (Gabatee 2). Sooratni daa'imanni qopha'an keessaa, F1 fi F5 daa'immaniif albuudota fi fudhatamummaa miiraa gaariin ta'uu fudhataman.

Gabatee 2: Annisaafi makaa walitti dhiheenya qabaniin foormulaa daa'immanii qopha'e

Koodii	Cooma (%)	Pirootinii (%)	Ca (mg /100g)	KHD (%)	Vit A (µg/g)	Energy (Kcal)
F1	**10.8±0.65[a]**	**16.39±0.71[a]**	**68.97±0.73[c]**	**60.35 ±0.81[c]**	**120.32±0.78[cd]**	**404.19 ±2.67[ab]**
F2	9.39±0.34[a]	16.18±1.31[a]	99.02±0.83[ab]	63.07 ±2.06[ba]	172.57±6.83[b]	401.60 ±6.77[ab]
F3	10.5±1.06[a]	15.68±0.52[a]	79.46±1.28[abc]	62.08 ±2.21[a]	126.99±5.89[c]	405.69 ±3.3[ab]
F4	8.10±0.39[a]	16.02±0.04[a]	90.98±0.97[abc]	61.69±0.87[c]	162.33±0.03[ab]	383.82± 2.77[b]
F5	**12.4± 0.43[a]**	**15.60±0.46[a]**	**66.75±0.619[c]**	**60.12 ±0.54[d]**	**113.4±16.9[d]**	**412.56± 4.87[a]**
F6	10.52±0.42[a]	15.35±0.38[a]	102.48±3.59[a]	61.42± 0.49[d]	186.07±5.47[ab]	401.87 ±4.55[ab]
F7	11.92±0.60[a]	16.14±0.83[a]	74.75±0.70[abc]	60.08±1.38[bc]	131.98±3.54[c]	412.21 ±4.78[a]
F8	11.31±0.24[a]	16.57±0.52[a]	84.63±0.96[ab]	59.61 ±0.08d	197.53±4.34[a]	406.64 ±1.05[ab]
CV(%)	24.21	4.77	17.67	5.58	5.06	3.28
LSD	4.567	1.32	25.76	5.89	13.52	23.09

*Values represent means ± standard deviation, n=3, results are in dry basis. Means with the same superscript on the same column are not significantly different (p>0.05).*KHD- Kaarboohayidireetii

Gabatee 3: Soora qindaa'e kanneen gabaarra jiran waliin madaallii taasifame

Qabiyyee	Foormulaa (Makaa)		Soora gabaarra jiran	HGE*	Soorri qinda'e % HGE'n yoo madaalamu
	F1	F5	Cerelac/Faffa		
Pirootinii (%)	16.39	15.60	15.8/18	>15	100
Cooma (%)	10.80	12.40	10.5/5.1	10-25	100
Kaarboohayidireetii (%)	60.35	60.12	68.4/70	64	93.9 - 94.3
Hanga anniisaa (Kcal/100g)	404.19	412.56	432/400	400-425	100
Kalsiiyeemii (mg/100g)	68.97	66.75	600/516	500	13.4 - 13.8
Beetaa-karootiiniif (µg/g)	120.32	113.40	400	60-180	100

Hanga guyyaatti nyaachuun da'immaniif eeyyamamu (FAO and WHO)

Foormulaawwan filataman (F1 fi F5) amala faayidaa, dhiibbaa farra sooraa (*tannin*), qabiyyee adda addaa, mineraala, qabiyyee beetaa-karootiiniin fi fudhatamummaa miiraa isaan qabaniin filatamani. Foormulaawwan tokko tokko fooyya'oo ta'anis, foormulaawwan qabiyyee farra soorataa (*taaniin*) xiqqaa qabanii fi fudhatama miiraa guddaa qabantu filame. Qulqullinni soora qindaa'ee/Foormulaa olaanaa, qabiyyeen pirootinii 15.35%-16.57% gidduu kan jiru, hanga pirootinii da'imti soora keessaa argattu guuta. Hangi annisaa soora qindaa'ee, giraama 100 keessaa kiiloo kaalorii 383.82 fi 412.56, guddina fayyaalessa da'imaa guuta. Dabalataan, soorri qindaa'an kaalshiyeemiifi beetaa-karootiiniin kan badhaadhan, soorata barbaachisaa lafeen jabaataa akka guddatuufi dandeettii dhukkuba ittisuu akka dabalu taasisaniin kan badhaadhedha.

Foormulaawwan qophaa'anii fi filataman kunniin dhiibbaa farra soorataa kanneen akka taaninii, asiidota faayitii (*phytic acid*) fi qabiyyee feenooliik (*phenolic content*) haalaan hir'isun, argamiinsa nutirentootaa guddiseera. Dabalataan, sooratni qindaa'e amala faayidaa fooyya'oo kan agarsiisan yoo ta'u, bishaan qabachu fi bishaan keessatti bulbulamuu fooyya'aa ta'e qabu, keessumaa da'immaniif. Gama fudhatamummaa miiraan, F1 (makaan boqqoloofi ochooloonii bilchaate) fi F5 (makaan boqqoloofi ochooloonii biqilan) dhandhama, bocaafi fudhatamummaa waliigalaan qabxii olaana kan galmeessani yoo ta'u, baay'inaan oomishuuf kaadhimmamoo dha.

Foormulaawwan qopha'an kun oomishaalee gabaarra jiranii irraa baasii xiqqaan kan pho'an yoo ta'u, qormaata hanqina nyaataa da'imman bakka qabeenyi daangeffame keessatti mul'atu ni fura.. Oomishaaleen qophaa'an kun sababa dhiibbaa farra soorataa hir'isaniifi fudhatamummaa miiraa qabaniif, bal'inaan madaqsuuf mijatoodha.

Policy Recommendations

- Yuunivarsiitiwwaniifi wiirtuleen qorannoo hawaasaaf leenjiwwan ogummaafi deeggarsa meeshaalee soorata qindeessuuf oolaniifi oomishtoota qinda'ina nyaataa fooyyessuufi waantota naannoo tajaajilamuun bu'aa qulqulluu argamsiisuuf akka ooluuf.

- Ministeerri fayyaafi qaamoleen dhimmi ilaallatu oomishaafi foormulaa kana sagantaa soorata biyyaa keessatti hammachiisuu, kaka'umsa fayyaa haadhaafi da'immanii faana guddisu qababachu. Kun kan hammatu, hawaasa barsiisuufi sooranni dabalataa naannoo keessatti qophaa'u soorata da'immanii fooyyessuufi bu'aa fayyaa itti fufinsa qabuuf qooda olaanaa akka taphatu irratti duula dadammaqinsaa hojjechuu.

- Ministeerri Daldalaafi Industirii dhaabbileen xixiqqaafi waldaalee hojii gamtaa nyaata dabalataa gatii madaalawaan akka oomishaniif, deeggarsa maallaqaa gama liqii maaykiroo, gargaarsaafi tumsaan bira dhaabbachuu qabu.

YUUNIVARSIITII HARAMAAYAA
BIIROO DHIMMA QORANNOO

IBSA IMAAMMATAA 3.2

Caamsaa 2017

GOOROO QORANNOO

III

Bakka Meeshaa Yaalii Murtaa'aa Ta'eetti Sirna Dijitaalaa Dhibee HIV fi Vaayirasii Dhukkuba Tiruu B Waliin Jiran Qorachuuf Oolu

Wayinishet Baazazoo[1*], Dassaalenyi Wandimmuu[1], Toodiroos Tilaahuun[1], Saabaa Haayiluu[2]

[1]Kolleejii Kompiyuutiingii fi Infoormaatiksii, Yuunivarsiitii Haramaayaa, Haramaayaa, Itiyoophiyaa
[2]Kolleejjii Saayinsii Fayyaa fi Meedikaalaa, Yuunivarsiitii Haramaayaa, Haramaayaa, Itiyoophiyaa

Ergaawwan Ijoo

- Sirni yaalaa dijitaalaa ogeeyyiin fayyaa namoota HIV fi vaayirasii dhukkuba tiru waliin qabaman bakka meeshaaleen yaalaa murtaa'aa ta'eetti haala gaariin adda baasuu fi yaaluuf gargaaru qophaa'eera.

- Sirnichi dandeettii HIV fi vaayirasii dhukkuba tiru qulqullinaan qorachuu ykn adda baasuu dhibeentaa
95.36 kan galmeesse yoo ta'u fayyadamtoota irraa
fudhatama guddaa argateera.

Seensa

HIV-iin vaayirasii dhukkuba tiru waliin hidhatuun nama qabu akka addunyaatti fayyaa hawaasaaf rakkoo hamaa kan kaa'e yoo ta'u, dhukkubni tiruutii fi du'i sababa kanan saffisaan dabalaa jira. Itiyoophiyaatti saffisi dhukkubi lammen waliin qabamuu dhibbeenta 5.9 hanga 42.8 yoo ta'u, bu'uuraalee misoomaa fi qabeenyi eegumsa fayyaa mutaa'aa ta'uun naannoleen akka Harargee Bahaa addatti miidhamaa jiru. Sababa dabalaa adeemuu dhibee tiruu ariifachiisuuf dhukkubbiiniifi du'aatiin qabatamaan dabale. Itiyoophiyaatti saffisni qaba- waliinii 5.9% hanga 42.8% ta'ee, bakkeewwan akka Baha Harargeettti hanqina meeshaalee yaalaa irraa kan ka'e hubaatii guddaa qaqqabsiisa.

To'annoon bu'a qabeessa ta'e tooftaalee bal'aa kan barbaadu yoo ta'u, kunis qorannoo vaayirasii dhukkuba tiru idilee, yaala farra vaayirasii kan vaayirasii lamaan irratti xiyyeeffate, fi tarkaanfiiwwan ittisaa kanneen akka talaallii fi sagantaalee miidhaa hir'isuu dabalata.

Haata'uutii, hanqinni galteewwanii ejjennoon kun akka hojiirra hinoolle gufuu ta'uun, tatamsa'inni akka dabaluufi hawaasa rakkoo kanaaf saaxilamaniif haala fayyaa gadibu'aa uuma. Hubannoo namtolchee (Artificial Intelligence/AI) fi ragaa coruu (Data mining/DM) walitti qindeessuun, qulqullina qorannoofi hojjetootaaf hojii salphisuun rakkoo kanaaf furmaata abdachiisaadha. Qorannoon kun argannoo mala dandeettii fayyaa tooftaa ragaa coruu qorannoofi to'annoo HIV-vaayirasii dhukkuba tiru qaba-waliinii hir'isuuf beekumsa bu'uureffate waliin qindaa'ee hojiirra oole beeksise. Malichi moodela bu'uura seeraan xiyyeeffannoo ogeessaa makate uumuun, tuuta ragaa guddaa keessaa mala dhokataa baasuuf qajeelfama ragaa coruu hojiirra oolche. Mala duraanii beekumsa ogeessaa irratti qofa hundaa'een yoo wal bira qabamu, inni kun sirrummaa tilmaamaafi murtoo gadifagoo kennuuf fooyya'insa dabala. Itti fayyadamummaa naannoo qabeenyi murtaa'aa jiru keessatti dabaluuf xiyyeeffannoo sirnal digitaala hubannoo namtolchee fayyadamuun HIV fi vaayirasii dhukkuba tiru infekshiiniin qorachuu fi fayyadamtootatti salphaatti akka madaqu godhuun hojjechuu dabalata.

Qaawwa gochaalee eegumsa fayyaa amma jiran furuudhaan sirnichi/malichi rakkoo dhukkubsattootaa fooyyessuu, imaammata eegumsa fayyaa deeggaruun, fi to'annoo HIV fi vaayirasii dhukkuba tiru darba-waliiniif furmaata sirrii madaalamuu qopheessuf kaayyeffateera.

Malaafi Argannoo

Guddinaafi mala dandeettii yaalaa maddan madaaluu irratti xiyyeeffachuun xiinmala Design Science Research (DSR)-ti tajaajile. Sirnichi maloota ragaa guddaa funaanuu fi adda baasu beekumsa ogeeyyii moodela ulaagaa irratti hundaa'ee sababeessu makateera. Ragaan qorannoof fudhatame Hospitaala Ispeeshaalistii Waliigalaa Yuunivarsiitii Haramaya Hiwot Faanaa irraa keezota 1,108, vaayirasii dhukkuba tiru hidhata HIV bara 2016-2022ti. Xiyyeeffannoon ijoo waliigalatti

amaloota 32, isaanis seenaa dhukkubsataa, safartuuwwan yaaliifi seenaa yaalaa dha. Qoodinsa qajeelfamaaf ragaa qulqulluu seensisuuf kanneen hinbarbaachifne keessaa baasuu, kan hanqatan eeruufi sirreessuun hojii jabaati hojjetame. Xiinxalaafi amaloonni 19 qajeelfama Information Gain Ratio irratti hundaa'uun filatamani. Qajeelfama ragaa coruu qoqqooduu afur (PART, JRip, J48, and REPTree) qulqullina tilmaamaa madaaluuf tajaajilani. PART qulqullina olaanaarra geessisuu isaan moodela jabaa qoqqooduuf oolu ta'ee fudhatame. Seeronni qajeelfama MARTn maddan, galtee ogeessaan walitti dabalamani, bu'uura beekumsa sirnicha ta'ani. Hojiirra oolmaafi ga'umsi sistemaa madaalliin dabalataa qabatamaan tajaajiluu isaa ogeeyyiin mirkanaa'e. Akka argannoon mul'isutti, dandeettiin mala yaalaa argame, bakka qabeenyi murtaa'aa jirutti qorannoofi to'annoo fooyyessuuf ga'umsa qabatamaa agarsiiseera (Gabatee 1).

Gabatee 1: Safartuuwwan raawwii hojii qajeelfama ramaddii

Algoriizimii	Accuracy (%)	Precision	True Positive Rate (TPR)	False Positive Rate (FPR)	F-Measure
PART	95.36	0.954	0.954	0.050	0.954
JRip	95.00	0.950	0.950	0.052	0.950
J48	95.09	0.951	0.951	0.060	0.951
REPTree	95.36	0.954	0.954	0.056	0.954

Xiinxalli ga'umsa sirnichaa kan mul'isu qajeelfamni PART olaanaa ta'uu, kan galma ga'insa guddaa dhibbeentaa 95.36 qabuufi modeloota madaalaman keessaa deebii sirrii hin taane (*False Positive Rate* (FPR)) gadaanaa mul'ise. Moodelli seera bu'uureffatee sababeeffamu sirnincha haala ogeeyyii fayyaan dhihaatanitti wal qabatinsa amansiisaafi hojiirra oolmaa qabatamaa waliin qindaa'e. Dabalataan, sirnichi qorannoo amansiisaa olaanaa agarsiise, keezota HBV qaban 432 keessaa 408 fi 668 vaayirasii dhukkuba tiru hinqabne keesaa 641 ifatti adda baase (Gabatee 2).

Gabatee 2: Tilmaama moodeela daataa dhugaa wajjin walbira qabuu

Actual Class	Predicted HBV Positive	Predicted HBV Negative
HBV Positive	408	24
HBV Negative	27	641

Sirni dijitaalaa yaalaa qorannoo kanaan qophaa'ee Baha Hargee, bakka qabeenyi murtaa'aa jirutti HIV- vaayirasii dhukkuba tiru darba-waliinii qorachuufi to'achuuf argannoo abdachiisaa ta'e fide. Tekinikoota ragaa coruufi beekumsa ogeessaa walitti fiduun ga'umsa qorannoo fooyyessuufi hirkattummaa ogeeyyii olaanaafi meeshaalee qorannoo olaanoo hir'ise. Malli kun bifa addaan, buufataalee fayyaa qabeenya (meeshaaleefi human namaa) murtaa'aa qabaniif murteessaadha.

Sirnichi beekumsa ogeessaafi tekinika ragaa coruu, kallattiin qajeelfama qoqqooddii Algorizimii barumsa mashinii fayyadamuun ga'umsa qorachuu olaanaa 95.36% argamsiiseera. Kunis, adeemsa mirkansaa harka kudhan hordofuun sirrummaa dhibbentaa 95.4 mul'iseeraa. Fedha fayyadamtootaa guutuun dhibbentaa 89.44 ogeeyyii fayyaa biratti fudhatamummaa guddaa argateera. Dabalataan, naannoo hanqinni meeshaan fayyaa jirutti qorannoo sirrii yeroodhaan kennuun, bu'aa dhukkubsataa fooyyessuufi ba'aa yaalaa salphisuun shoora olaanaa taphata.

Sirrummaafi fayyadamtootaan fudhatamuun addunyaa qabatamaa keessatti hojiirra ooluu akka danda'uu ni mul'isa. Sirrummaan dhibbeentaa 95.36 ta'uun egeree kan irratti hundaa'e ta'uu mul'isa, sirnichi fayyadamaaf toluun isaa qaamolee fayyaa irratti hojjetaniin madaqfamuuf kennataadha. Dabalataan, dhibeentaa sobaan kennu
5.0 hir'ate qabeenya tajaajilamuu guddisuun yaala hinbarbaachifne gadibuuse.

Gabatee 3: Safartuu Ga'umsa Qoqqoodinsa PART

Metric	Value
Accuracy	95.36%
Precision	95.4%
True Positive Rate (TPR)	95.4%
False Positive Rate (FPR)	5.0%
User Satisfaction Score	89.44%

Accuracy: how close model's predictions are to the actual values. Precision: how consistent model's predictions.

Sirni qophaa'ee dandeettii yaalaa karoorfames baasii kan qusatuufi meeshaa qormaata sirrii kennu, naannolee qabeenya yaalaa muraasa qabaniif mijataa ta'e.

Yaada Imaammataa

- Ministeerri Fayyaa ga'umsaa fi qabatamummaa qormaataa HIV fi vaayirasii dhukkuba tiru fooyyessuuf akka ooluuf sagantaa to'annoo biyyaalessaa keessa oolchuu qaba.

- Biirooleem fayyaa naannoo bu'aa eegumsa fayyaa fooyyessuu, qabeenya haala gaariitti fayyadamuu, fi dhukkubbii fi du'a waliin wal qabamanii hir'isuuf naannoo daddarbiinsa HIV fi vaayirasii dhukkuba tiru baay'ee qabutti mala/sirna qormaata artifishaal intelegeensiin geggeeffaman dursa kennuu fi guddisuu qabu.

- Ministeerri Fayyaa, Waldaan Hakiimoota Itiyoophiyaa fi yunivarsiitiiwwan ogeeyyii fayyaaf itti fayyadama sirna dijitaal artificial intelligensii fayyadamuun geggeeffaman irratti leenjii itti fufinsaan kennuu qabu.

- Ministeerri Maallaqaa naannoo qabeenyi murtaa'aa jiru keessatti sirna dijitaalaa irratti hundaa'e deeggaruuf itti fufinsa deeggarsa maallaaqaafi bu'uuraaleef dursa kennuu qabu.

Dubartoonni Booranaa Wal-caalmaa Caasaa Mormuufi Wal-dhabbii Ceesisuun Mallattoo Humna Dubartummaati

Tasfaayee Guddataa[1*], Guutamaa Imaanaa[1], Muluu Birhaanuu[1], Fikaaduu Addunyaa[2]

[1]Kolleejjii Saayinsii Hawaasummaa fi Saayinsii Namoomaa, Yuunivarsiitii Haramaayaa, Itiyoophiyaa,
[1]Kolleejjii Saayinsii Hawaasummaa, Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Ergaawwan Ijoo

- Dubartoonni Booranaa mallattii jijjiiramaa si'atoodha, nagaa ijaaruufi dursummaa keessatti qooda qabu, akkasumas dursummaafi murtoo kennuu keessatti hirmaachuun wal caalmaa caasaan jiru mormu.

- Dubartoonni Booranaa olaantummaa dhiiraa dura dhaabbachuun, hojii dinagdee keessatti hirmaatu, akkasumas kara sirboota aadaa, jechamaafi durii- duriin seera sirreessu.

- Shoora dubartoonni booranaa hawaasa keessatti qabaniin caasaa walcaalmaa bifa si'ataafi qindaa'aan mormuun yaaxxina dubartummaa qooda ba'eera.

Seensa

Dubartoota Afrikaa miidhamtoota waraanaa taasisanii ibsuufi qabeenya dhiiraa irratti hirkatoo kan jedhu seenessaa qorattootaa bal'inaan jirudha. Seenessi kun shoora dubartoonni Afrikaa qaban akka irra darbamu taasise, utuu dubartoonni mala maluu, walqixxummaaf hojjechuufi caasaa hawaasaa ijaaranii. Dubartoonni caasaa wal caalmaafi hacuuccaa nimormu, wal qixxummaaf warraaqsahawaasummaafi siyaasaa gaggeessu, olaantummaa dhiiraarratti dhiibbaa taasisu. Garuu, ga'ee dubartoonni taphatan kun hinqoratamne, keessattuu hawwaasa Oromoo keessatti.

Qorannoon kun ga'ee dubartoonni Booranaa caasaa walcaalmaa itti furan, hirmaannaa isaan gadaa keessatti qabaniifi hookkarsa aadaa hanisuuf waan hojjetaniifi wal caalmaa yeroo nagaa, waraanaa, fi yeroo waraanaan boodaa irratti xiyyeeffate.

Malaafi Argannoo

Qorannoon kun kibba Itiyoophiyaa, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Godina Booranaatti saxaxa qorannoo sanyaabaan gaggeeffame. Namoota ragaan irraa madduufi marii garee qindeessuuf saamuda dhimmataafi darbaa dabarsaati hojiirra oole. Ragaan argame Afaan Oromoo irraa gara Afaan Ingiliziitti jijjiiramuun xiinxalli akkaataa ergaafi madda ragaa lammaffaa (kitaabbilee, barruuleefi gabaasota fudhatamoofi ibsa qaban) irraa kan argamaniin qaxxaamura ilaalamaniiru.

Fooklooriin dursummaafi murtoo kennuu keessatti akka meeshaa wal caalmaa furuu: Dubartoonni Booranaa sirboota, jamootaafi durii-durii tajaajilamuun olaantummaa aadaa dhiiraafi mormii dhageessisuu, murtoowwan siyaasaa irraan dhiibbaa mit-kallattii taasisuu, dursummaafi amala aangoo irrattis qooda taphatu. Kaarrilee keessaan mufii qaban dubbatu, murtoo haqa-qabeessa hintaanetti qoosuufi jijjiirama hawaasaa gaafatu. Yeroo qoraan funaananiifi bishaan waraaban kaarrilee dhahachuun yaaddoofi komii isaanii ibsatu. Qabiyyeen sirbaa jaarrolee bira ga'uun murtoo isaanii irratti dhiibbaan uumama.

Lafa hamtuu karaa hinqabne	a dangerous place devoid of any access routes
Gumee hamtuu garaa hinqabne	a beautiful who do not envy
Nama haaloo baasii hinqanee	a person who is not asked to seek avenge and person who is not asked to stop weeping.
booyee callisii hinqabe	
Ani booyee callise	I cried, but I stayed quiet and patient.

Ibsi aadaa kun diddaafi humneessuutti kan tajaajilu yoo ta'u, dubartoonni bulchiinsa dadhabaa qeequfi caasaa ol'aantummaa dhiironni qaban jeequ. Dubartoonni Booranaa abbaa gadaa filachuufi mirkaneessuu, seera aad-malee jijjiirsisuufi bulchiinsa hawaasaa bocuu keessatti hirmaachuun dursitoota irraan dhiibbaa qabatamaa taasisu. Hubannoofi ooggansaafi murtoo kennuu keessatti hirmaachuun isaanii caasaa hawaasaa fooyyesse, hirmaachisummaafi ga'eessuu dabale. Seenessi abbaa gadaa Dawwe Gobbo (1706–1714), fuudhi tokkoo ol akka hindanda'amne murteesse, murtoo kana Dubbe morme. Dubartoonni waan kana dhaga'anii kaarrileen mormani. Mormiin kaarrilee dubartootaas:

"*Kan Daawwee daawuma;*	Perhaps, Dawwee's suggestion is trash or foolishness;
Kan Dubbe Dubbuma;	
Waan Daawwn jette nu dhageetuma"	Dubbe's idea is serious/valid eloquence.

Dubartoonni yaada Dubbee sirriifi kan hirmaachisummaafi wal qixxummaa dubartootaa eega jedhamee fidhatame. Faallaa kanaan, dubbii Daawwee qarummaafi hubannoo hanqate jechuun haqame. Egasii, yaa'a gadaas ta'e Gumiin Gaayoo seera utuu hinlallabne dubartoota mariisisu.

Jireenya hawaasaa itti fufsiisuu: Dubartoonni Booranaa tika, daldalaafi horii irratti ooganuun safuu aadaa koorniyaa irratti hojjetu. Hirmaannaan isaanii ga'oomsuu, hirmaachisummaa fi maxxantummaa maallaqaa hanqisuu dabale. Raawwilee akka marroon walqixxummaa dinagdeefi wabii nyaataa dabaluu, hojii keessatti ga'ee qooddachuufi jireenya hawaasaa keessatti qooda ba'uun waan barsiifataan dhufe faallessani (redefine).

Seera aadaafi caasaa bulchiinsaa: Dubartoonni Booranaa caasaa bulchiinsaa walcaalmaa qabu gama seera aadaan dhiibbaa taasisaniin aadaa dubartoota tiksuufi mirga issanii eegu, dhiirummaan sirrii kan dubartoota gargaaru malee miidhu akka hintaaneef. Seeronni kun kan of keessaa qabu, namni dubartii miidha itti gaafatama, hookkarsaafi loogii hanqisuu fa'i. Gumiin Gaayoo murtoo kennuu keessatti qoodni dubartootaa olaanaa ta'uufi carraa walqixa kennuu irratti hojjeta.

Ga'ee dubartootaa yoomessa waldhabbii keessatti: yeroo waraanaa: Dubartoonni Booranaa yeroo waraanaa faallaa safuu koorniyaa jira. Akka nama waraana keessa jirutti fudhatamuunii deeggarsi murteessoo akka nyataafi bishaanii ta'aaf, kanaanis aadaa ga'ee qooddannaa faallessu. Hirmaannaan kun dubartoota dadammaqsa, caasaa hawaasaa fooyyessuufi amala koorniyaa ceesisa, nagaafi waraana keessatti qooda isaanii agarsiisuun.

Waraana dhaabuu: dubartoonni Booranaa nagaaf murteessoo (liichoo) dha. Hayyuu garee gara garaa gidduu dubbachuun, lafa nyaphaa seenuun nagaa dubbachuuf haala mijeessu, yaadoofi muddama xiqqeessuuf abbootii seeraan dubbatu. Hirmaannaa isaaniin nagana itti fufinsa qabu akka jiraatu hojjechuun aadaan ga'ee qooddannaa akka cabuufi wal qixxummaa koorniyaa calaqqisiisu. Nagaa buusuu isaaniin dhugeeffannaa horatameen saboota gara garaa walitti fidu, finiina wal dhabbii hanqisu.

Waraana booda: Waraanaan, dubartoonni Booranaa nagaa buusuufi hirmaannaa dinagdee isaaniin wal qixxummaa mirkaneessu. Akkuma liichoo, safuu koorniyaa cabsuun dhimma nagaa dubbatu. Gama dinagdeen, horsiisa horii, daldaluufi aannan argatan maallaqaan akka of danda'aniifi human murtoo kennuu olaanaa qabaatu. Hariiroon hawaasummaa (Marroo) wabii nyaataa mirkaneessuufi dandamannaa hawaasaa fide. Kanaafuu, dubartoonni Booranaa taatee waraanaan boodaa keessatti qoodaa olaanaa taphatu.

Ga'ee dubartootaa caasaa walcaalumaa furuu keessatti: Dubartoonni Booranaa sababa safuu aadaa, olaantummaa dhiiraa, qabeenya murtaa'aa, jijjiirama haala qilleensaafi waraanaan wal caalmaa caasaa furuuf dhiibbaa guddaati irra jira. Hanqinoonni kunneen hirmaannaa murtoo kennuu isaanii murteesse, ga'ee qe'ee jirutti isaan daangessuufi qoodni isaanii mit-kallattiin akka raawwatu malee fuuldura walqixxummaaf akka hihojjenne ta'e.

Carraan qabeenyaa akka lafaafi liqii xiqqaachuun of danda'ummaa dinagdee isaanii hubuufi hacuuccaaf isaan saaxile. Naannoo waraanaatti buqqa'uu, horii ofii dhabuufi hookkarsaaf saacilamuu malee mirga isaaniif akka hindubbanne isaan dhorke. Miidhaa dubartoota irratti qaqqabsiisaniin hinimatamiin hafuun sodaafi callisuun akka uumamu, mormii aad-malummaa koorniyaa xiyyeeffatee raawwatu irratti jijjiirama jiru hanqise.

Yaada Imaammataa

- Ministeerri Nagaa ga'ee dubartoonni Booranaa nagaa buusuu keessatti qabaniif beekamtii kennuufi dubbiiwwan nagaa idileefi mit-idilee, akkasumas adeemsa murtoo kennuu sadarkaa kamiiyyu keessatti hirmaachisuu. Kun kan gabbatu, leenjii dandeettii waldhabbii furuu gabbisu kennuuni.
- Ministeerri Haqaa qaamolee dhimmi isaa ilaallatu waliin ta'uun ilaalcha dubartootaa yaaxxina waldhabbiifi nagaa garaa garummaa saalaa hir'isuufi nagaa ijaaruuf qooda qaban bu'uuralee seeraatti fiduu irratti hojjechuu qabu.
- Ministeerri Qonnaa dhaabbilee maallaqaa waliin ta'uun qabeenya (lafa, liqii, carraalee galii) oomishtummaa dubartoota Booranaa tumsan guddisuun hirkattummaa maallaqaa isaanii hanqisuu qabu.

Nageenyaa fi Araara Naannoo Waldhabdeetti: Gahee Pirojektii Daangaa Qaxxaamuraa Booranaa

Gaaddisaa Tasfaayee[1*] fi Riichaard Weenzil[1]

[1]Kolleejjii Seeraa, Yuunivarsiitii Haramaya, Itiyoophiyaa

Ergaawwan Ijoo

- Pirojektiin Inisheetiivii Daangaa Qaxxaamuraa Booranaa qindoomina hawaasa gidduu jiruu fi ittisa walitti bu'iinsaa Zoonii Booranaa fi naannolee ollaa jiran haalaan guddiseera.

- Inisheetiiviin Pirojektii Daangaa Qaxxaamuraa Booranaa wal hubannoon hawaasa gidduutti akka dabalu, qabeenya uumamaa waliin fayyadamuun akka jajjabaatu, akkasumas ijaarsi dandeettii nagaa uumuu marii hunda galleessa ta'een akka guddatu, duulli hubannoo uumuu fi hirmaannaa hawaasaa akka guddatu taasiseera.

- Pirojektichi dhaabbilee naannoo walitti bu'iinsa irratti dalagan dandeettiin isaan walitti bu'insa ittisuu fi furuu irratti qaban akka dabalu fi hirmaannaan dubartootaa fi dargaggoota nagaa ijaaruu irratti qaban haalaan guddiseera.

Seensa

Waldhabdeen sabaa gosa waldhabdee saboonni adda addaa aangoo siyaasaa, qabeenya dinagdee, ol'aantummaa aadaa, fi to'annoo lafaa irratti wal dorgomaniidha. Waldhabdeen kunniin walqixxummaa dhabuu dhugaa ykn yaadame, jal'ina seenaa, siyaasa eenyummaa, fi dorgommii qabeenya hanqina qabuun kan uumaman yoo ta'u, jeequmsa, loogii fi gargar bahuu hawaasaa fiduu danda'u. Gaanfi Afrikaa naannolee Afrikaa tasgabbii hin qabne keessaa tokko yoo ta'u, sababoota fi qooda fudhattoota hedduu qaba. Itoophiyaa keessatti wal-dhabdeen uumamaan siyaasaa, diinagdee, saba, amantii, fi naannoo waliin wal qabatu dha.

Keessattuu Kibba Itiyoophiyaa Godinaa Booranaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi naannoo daangaa naannoo ishee keessatti waldhabdeen sabaa fi sablammootaa baay'inaan ni mul'ata. Naannoon kun sabaa fi sablammoota hedduu kan akka Booranaa, Gabra, Gujii, Garri, Konsoo, Bhurjii, Wagyu, Hammer, fi Arboree hedduu qaba.

Gareen akkasii seenaa lafa, siyaasa eenyummaa fi qabeenya uumamaa daangeffame irratti wal dhabdee qaban. Akkaataan waldhabdee naannoo kana keessatti mul'atu roga hedduu qaba. Waldhabdeen kun waldhabdee furmaata hin arganne kan akka weerara loon qaba. Malli waldhabdee akkanaa furuuf itti fayyadaman marii hawaasaa hunda hammate, waliigaltee bulchiinsa qabeenya, fi sirna waldhabde furuu sadarkaa naannootti dhaabbata taasisuudha. Kanaaf pirojektiin kun waldhabdeewwan yeroo dheeraaf seenaa keessatti walitti hidhamiinsa hawaasummaa fi qabeenya argachuuirratti jeequmsa gurguddaa geessisan Godina Booranaa fi naannolee daangaa qaxxaamuraa itti aananii jiran salphisuuf kan kaayyeffate ture.

Malaafi Argannoo

Pirojektichi waggoota afuriif kan raawwatame goodina Booranaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Ityoophiyaa, fi naannolee daangaa qaxxaamuraa ishee walitti aananii jiran keessatti. Qorannoon kun aanaalee 17 (kebelelee 80) irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, sabaa fi sablammoota adda addaa kanneen akka Booranaa, Gabra, Gujii, Garri, Konsoo, Burjii, Wayyu, Hamar, fi Arboree dabalatee hirmaachise. Waldhabdee walxaxaan naannoo kana keessatti mul'atu sirnoota adda addaa afuritti ramadama: Moyale, Gomole, Sagan, fi Marmaro.

Fakkii 1. Maappii naannoolee qorannoon itti gaggeefame argisiisu

Pirojektiichi mala "ummataa gara uummataatti" jedhamuun kan gaggeefame yoo ta'u kunis miseensota hawaasaa, jaarsolii, hoggantoota aadaa, fi bakka bu'oota bulchiinsa naannoo gareewwan waldhaban adda addaa irraa kuma kudhaniin lakkaa'aman waliin marii gaggeessuu dalagame. Haala naannoo, akkasumas dursa hawaasaa hubachuu fi gidduu-galummaawwan itti aanan odeeffannoo kennuudhaaf, hojiiwwan ijoo madaallii bu'uuraa fi xiyyeeffannoo gadi fageenya qabu kan hammatan yoo ta'u: odeeffannoo maatii irraa walitti qabuuf namoota 1100, mariif namoota 52, fi af-gaaffiif namoota 34 dhaan odeeffannoo funaanameera.

Mariin hawaasaa bal'aan bulchiinsa qabeenya uumamaa walta'iinsaan fayyadamuu, ilaalcha gareewwan gidduu jiru guddisuu, fi dambii ittiin bulmaataa hawaasaa uumuuf kaayyeffate mala pirojektichaaf barbaachisaa ta'e hojiirra ooleera. Sochiiwwan walqunnamtii fi araaraa gareewwan gidduutti taasifamuu, kan akka sirna bunaa waloo, ayyaana aadaa, fi kaampii dargaggootaa waliin ta'uun, hojiiwwan kun hundinuu walgahii ummataa, marii raadiyoo fi maxxansaatiin duula hubannoo uumuu bal'aa ta'een dabalamaniiru.

Kana malees, sagantichi koreewwan nagaa, jaarsolii, fi qondaaltota mootummaaf leenjii fi workshopii sadarkaa olaanaa walitti bu'iinsa ittisuu fi furuu irratti kennuudhaan seera qabeessummaa fi tumsa dhaabbilee haqaa ofiisaa fi aadaa deeggareera.

Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti sagantichi manneen murtii aadaa fi dhaabbilee haqaa naannoo ciccimoo ta'an uumuun, tumsa/waliigaltee gareewwan gidduu fi qoodinsa qabeenya uumamaa fooyyessuun, kilaboota nagaa dargaggootaa fi neetwoorkii nagaa dubartootaa uumuun hariiroo gareewwan gidduu jiru akka cimu gargaareera. Pirojektiichi walta'iinsa guddisuu fi hubannoo gareewwan gidduu jiru haaromsuu irratti milkaa'eera. Fakkeenyaaf, maatii fi firoota dhibbaan lakkaa'aman, keessumaa miseensota garee Booranaa, Gabraa fi Gaarii waggoota dheeraaf walirraa adda ba'an turan akka walitti dhufan godheera. Walqunnamtiin hawaas-dinagdee gareewwan akkasii deebi'ee maatiin akka walitti makaman fi hawaasni qabeenyaafi gabaa kanaan dura sababa walitti bu'iinsaan cufame akka argatan taasiseera. Kanarraa kan ka'e hawaasni cufame kanneen kanaan dura gabaa gurguddoo argachuu irraa ala turan gabaa barbaachisoo ta'an irra deebi'anii argachuu danda'aniiru, kunis gareen Gaarii gara gabaa magaalaa Borboritti deebi'uu isaati.

Gaa'elli fi waliigalteewwan yeroo gogiinsa sochii beeyladaa murteessoo ta'an hayyaman bu'aa adeemsa marii walfakkaatoo hawaasa Booranaa, Arboree, fi Wayyaayyuu gidduutti taasifamee ture.

Dabalataanis, jalqabbii kanaan qabeenya uumamaa qoodamuu fi tumsa gareewwan gidduutti taasifamu haalaan fooyyesse. Qabeenya waliinii walta'iinsaan itti fayyadamuuf waliigalteewwan marii irratti gaggeeffaman hoggantoota hawaasaa fi qondaaltota mootummaa naannootiin mallattaa'aniiru. Kunis lafa dheedichaa hawaasaa hektaara kumaatamaan lakkaa'amu fi bishaan wal falmisiisaa ta'e kan akka "Iddoo dheedichaa Chabbii fi bishaan Argile" walta'iinsaan hoggansaafi mariif akka banaman taasiseera. Bu'aa marii dorgommii irratti tumsa jajjabeessu irraa kan ka'e dambii ittiin bulmaataa hawaasaa waloo qophaa'ee ragga'eera. Rakkoolee jireenyaa ciccimoo furuufis, kaka'umsi kun maatii fi hawaasni Konsoo naannoo dhiyoo jiran lafa qonnaa fi qabeenya bosona barbaachisoo kebelelee Booranaa dhiyoo jiran akka argatan taasiseera. Wanti guddaan, manneen murtii aadaa deeggaruun fi xiyyeeffannoon koreewwan nagaa bulchiinsa muddama irraa gara safartuu dursanii fudhachuutti jijjiiruun dandeettii fi dhaabbilee naannoo walitti bu'iinsa ittisuu, bulchuu fi furuuf guddiseera.

Walqunnamtii fi araara hawaasaa fooyya'aa ta'e dagaagsuuf pirojektiin kun koreewwan nagaa irra deebiin gurmeessuun manneen murtii aadaa uumuu fi hojii akka hojjetanis deeggareera. Kanarraa kan ka'e sirni haqaa idilee fi aadaa caalaatti seera qabeessaa fi tumsa ta'eera. Dhuma irrattis pirojektichi gahee ijaarsaa fi hirmaannaa dubartootaa fi dargaggoota waldhabdee furuu fi araara keessatti qaban haalaan guddiseera. Pirojektichi waldhabdee uumuu fi hambisuu keessatti gahee dhalootaan qaban beekamtii kennuudhaan kilaboota nagaa dargaggootaa fi toora nagaa dubartootaa hundeesseera. Neetworkiin kun dubartootaa fi dargaggoota gareewwan waldhabdee uumuu danda'an irraa gara ergamtoota jijjiirama naannootti bu'a qabeessa ta'een kan jijjiiran yoo ta'u, ijaarsa nagaa irratti dammaqinaan akka hirmaatan, jijjiirama ilaalchaa guddisuu, fi walqunnamtii gareewwan gidduutti itti fufiinsa qabu karaa duula hubannoo uumuu, taateewwan aadaa waloo, fi kaampii dargaggoota ganna "sanyii-nagaa" uumuun deggareera. Carraan qabeenyaa akka lafaafi liqii xiqqaachuun of danda'ummaa dinagdee isaanii hubuufi hacuuccaaf isaan saaxile.

Naannoo waraanaatti buqqa'uu, horii ofii dhabuufi hookkarsaaf saacilamuu malee mirga isaaniif akka hindubbanne isaan dhorke. Miidhaa dubartoota irratti qaqqabsiisaniin hinimatamiin hafuun sodaafi callisuun akka uumamu, mormii aad-malummaa koorniyaa xiyyeeffatee raawwatu irratti jijjiirama jiru hanqise.

Yaada Imaammataa

- Nageenyaa fi waajjiraaleen bulchiinsa naannoo marii hawaasaa, akkasumas marii gareewwan gidduutti taasifamu fi tattaaffii araaraa itti fufee jiruun wal hubannoo, tumsa, fi tattaaffii nagaa ijaaruu, kunuunsuu fi guddisuuf tattaaffii gochuu qabu.
- Ministeerri Haqaa fi biiroon haqaa naannoo dandeettii dhaabbilee naannoo kan akka koree nagaa fi manneen murtii aadaa fooyyeessuu, mala isaanii sirna seeraa ammayyaa wajjin walsimsiisuu, karaa tumsaa fi odeeffannoo waljijjiiru uumuu qabu.
- Ministeerri Dhimma Dubartootaa fi Hawaasummaa kilaboota nagaa dargaggootaa fi dubartootaa uumuu fi gargaaruun, hojii isaanii pirojektoota hawaasaa gurguddoo keessatti hammachuudhaan hirmaannaa dubartootaa fi dargaggootaa ijaarsa nagaa keessatti babal'isuu qaba.
- Ministeerri Nageenyaa fi Ministeerri Qonnaa waliigalteewwan bulchiinsa qabeenya uumamaa tumsaan uumuu fi jalqabbii ijaarsa nagaa tooftaalee jireenyaa itti fufiinsa qabuun walqabsiisuun walitti bu'iinsa qabeenya irratti hundaa'e hir'isuu fi waldhabdee hawaasaa dandamachuu fooyyessuu qabu.

Qonni Magaalaa Baha Itoophiyaatti Jireenya Maatii Fooyyessa

Gabraigiziabiher Nigus[1*], Mangistuu Katamaa[2], Jamaa Hajii[1], Miliyoon Silashii[1]

[1]Mana Barumsaa Diinagdee Qonnaa fi Daldala Qonnaa, Yuunivarsiitii Haramaya, Haramaya, Itoophiyaa
[2]Waldaa Diinagdee Itiyoophiyaa, Addis Ababa, Ethiopia

Ergaawwan Ijoo

- Gosoota qonna magaalaa (QM) keessaa tokkoo yookiin isaa ol irratti hirmaachuun galii isaanii dhibbentaa 13-27, baasii waan fayyadamanii dhibeentaa 13-36 fi annisaa nyaata sooratanii dhibeentaa 8-34 dabaluun guutummaa jireenyaa isaanii fooyyessa.

- Dhiibbaaleen ijoo hirmaannaa abbootiin warraa QM-rra jiran carraa liqii, leenjiifi hubannoodha.

Seensa

Lakkoofsi namaa saffisaan dabaluufi babal'inni magaalaa lafti qonnaa akka xiqqaatu, magaalaatti fedhi nyaataa dabaluufi nyaanni qulqullina hinqabne heddummachuuf qooda olaanaa kanneen taphatan keessaa isaan ijoodha. Galmoonni Guddina Waarawaa (Sustainable Development Goals) 2030 rakkoolee kanaaf mul'ata ceesiisaa, fuulduree beelarraa walabaa, wabii nyaata dhaabuufi hanqina nyaataa gama hundaan jiran irratti hojjeta. Hanqina wabii nyaataa magaalaa, taateen guddachaa jiru, sababniifi furmaanni isaa hanqina wabii nyaataa baadiyyaa irraa adda. Qonni magaalaa hanqina wabii nyaataaf furmaata ta'uuf kan madde, hiyyeeyyii magaalaaf madda nyaataafi galii ta'ee achumaanis naannoo eeguufi dhiibbaa hanqina lafa qonnaa hir'isuuf qooda ba'a.

Kanaafuu, qorannoo kanaan qonni magaalaa baha Itiyoophiyaatti haala jireenya maatii irratti shoora inni taphatu sakatta'uuf karoorfame.

Malaafi Argannoo

Magaalota baha Itiyoophiyaa shan, Haramaayaa, Qullubbiifi Qarsaa (Nannoo Oromiyaatii), magaalaa Harar (Naannoo Hararii) fi magaalaa Dirre-Dhawaa (Bulchiinsa Magaalaa Dirre-Dhawaa) irraa odeeffanoon yeroo tokkoo (cross-sectional) funaanameera. Mala saamudaa gulantaan abbaa warraa 385 filataman keessaa 270 QM irratti kan hirmaataniifi 115 ammoo kan hinirmaanne of keessaa qaba. Xiinxalli ragaa qorannoo addeessaafi moodela dinagdee keessaa hirmaannaa QM-tti gufuu kan ta'an adda baasuuf moodela Multivariate Probit (MVP) fi dhiibbaa hirmaannaan haala jireenyarratti fidu sakatta'uuf moodela Multinomial Endogenous Switching Regression (MESR)-ti hojiirra oole.

Akka argannoon mul'isutti murtoon abbootiin warraa horiifi kuduraa, midhaan/muduraafi kuduraa, akkasumas midhaan/muduraafi horsiisa horii irratti hirmaachuuf taasisan walirratti kan hirkatanidha. Xiinxalli MVP hojiirra oolmaa QM irratti dhiibbaaleen hedduu akka jiraniifi isaanis sadarkaa gara garaa akka qaban mul'ise (Gabatee 1).

Gabatee 1: Dhiibbaalee hirmaannaa qonna magaalaa miidhan

Vaaraabiloota	Kuduraalee Coef. (SE)	ME	Horii Coef. (SE)	ME	Midhaan-Muduraa Coef. (SE)	ME
Sex	0.46**(0.23)	0.073	0.61* (0.34)	0.099	-0.02 (0.18)	-0.004
Age	-0.02**(0.01)	-0.003	-0.00 (0.02)	-0.000	-0.01 (0.01)	-0.002
Education	0.02 (0.02)	0.004	-0.02 (0.04)	-0.003	-0.00 (0.02)	-0.000
Occupation	0.18 (0.24)	0.030	0.47* (0.28)	-0.076	0.04 (0.18)	0.006
Family size	-0.09 (0.06)	-0.014	-0.15 (0.10)	-0.023	0.06 (0.05)	0.010
Land size	-1.24**(0.48)	-0.200	0.08 (0.58)	0.013	-0.10 (0.38)	-0.016
Extension	0.12 (0.09)	0.020	0.02 (0.12)	0.003	0.05 (0.06)	0.008
Perception	-0.47 (0.30)	-0.075	7.40***(0.74)	0.192	0.54** (0.21)	0.087
Credit	0.69***(0.26)	0.110	0.44 (0.42)	0.072	-0.23 (0.18)	-0.037
Experience	-0.01(0.02)	-0.002	0.01 (0.02)	0.002	0.00 (0.01)	0.001
Group participation	0.44 (0.29)	0.071	3.35***(0.42)	0.540	-0.15 (0.23)	-0.024
Market distance	0.08 (0.09)	0.012	0.25***(0.10)	0.040	0.15**(0.06)	0.024
Training	0.95***(0.27)	0.154	0.27 (0.33)	0.044	0.45** (0.21)	0.073
Non-farm income	0.64 (0.41)	0.102	0.64 (0.59)	0.103	0.13 (0.35)	0.021
Dependency ratio	0.42 (0.35)	0.067	0.16 (0.36)	0.027	-0.49**(0.25)	-0.078
Constant	-5.80 (4.40)		-9.77 (6.37)		-1.45 (3.86)	
Predicted probability		0.873		0.519		0.629
Joint Probability (Success)				0.4389		
Joint Probability (Failure)				0.0206		
Draw Number (#)				100		
Log Likelihood				-269.62		
Wald χ2(45)				670.08		
Prob > χ2				0.000*		
				**		

Madda: Bu'aa moodelaa (2022); *Standard errors are shown in parentheses; ME refers to marginal effects.*

Abbootii warraa oomisha kuduraa irratti hirmaataniif gufuu kan ta'an saalaafi umurii oogganaa abbaa warraa, hanga lafaa, carraa liqiifi carraa leenjii QM fa'i. Horii horsiisuu irratti kan irmaataniif saala oogganaa warraa, gosa hojii, hubannoo bu'aa QM, irmaannaa garee hawaasaafi fageenyi gabaa dhiibbaalee ijoodha. Dhiibbaaleen oomisha midhaan/kuduraa mudatan hubannoo bu'aa QM, fageenya gabaa, leenjiifi sadarkaa hirkatummaa fa'i.

Bu'aan yaala giddu-galeessaa bu'aa qabatamaafi kanneen faallaa jiran gidduu garaa garummaa ifa ta'e agarsiise (Gabatee 2). Kun kan mul'isu, warreen QM irratti hirmaatan kanneen hinirmaannerra fooyya'insa jireenyaa akka agarsiisuudha. Gosoota QM adda addaa irratti hirmachuun gaalii hirmaattotaa 13-27% dabaluu isaa argannoon kun ni mul'isa. Dabalataan, warraa QM irratti hirmaatan kanneen hinirmaannerra ga'eessi tokko baasiin tajaajilaa 13-36%-n fi hangi kaaloorii fudhatanii 8-34% dabaluuti mul'ate. Argannoon kun kan mul'isu, qonni magaalaa oomisha qonnaa gara galii olaanaatti jijjiiruun, akkasumas fayyadamummaa guddaafi soora hannisaa fudhatamu dabaluun, jireenya maatii akka fooyyeessuudha.

Gabatee 2: Hirmaannaan qonni magaalaa jireenya maatii irratti fide

Bu'aa	Muuxannoo QM	Hojjechuuf Actual	Kan hinojjenne Counterfactual	Jijjiirama yaalii giddu galeessaa ATT	Change (%)
Galii	$V_1L_0C_0$	34357.67	27656.42	6701.25***(2330.35)	24.23
	$V_0L_1C_0$	26733.96	21763.27	4970.69**(1935.03)	22.84
	$V_0L_0C_1$	29971.74	24972.04	4999.70**(2135.36)	20.02
	$V_1L_1C_0$	29878.32	26392.86	3485.46*(2071.21)	13.21
	$V_1L_0C_1$	32253.22	25720.22	6532.63***(1341.69)	25.40
	$V_0L_1C_1$	28743.20	25220.25	3522.95* (1822.93)	13.97
	$V_1L_1C_1$	32366.11	25446.05	6920.06***(810.64)	27.20
Baasii	$V_1L_0C_0$	16852.75	12414.90	4437.86*** (1113.5)	35.75
	$V_0L_1C_0$	16096.08	12659.88	3436.20*** (851.30)	27.14
	$V_0L_0C_1$	16172.69	13233.23	2939.45** (1132.86)	22.21
	$V_1L_1C_0$	16060.12	13321.63	2738.49*** (711.48)	20.56
	$V_1L_0C_1$	15901.55	13319.91	2581.64*** (722.90)	19.38
	$V_0L_1C_1$	14120.83	12517.95	1602.88** (703.89)	12.80
	$V_1L_1C_1$	15314.74	13408.28	1906.47*** (378.30)	14.22
Kiiloo kaalorii	$V_1L_0C_0$	2934.83	2191.60	743.24***(133.87)	33.91
	$V_0L_1C_0$	3146.30	2900.25	246.05* (123.58)	8.48
	$V_0L_0C_1$	2916.06	2834.81	81.25 (160.41)	2.87
	$V_1L_1C_0$	2914.44	2875.13	39.30 (123.05)	1.37
	$V_1L_0C_1$	2863.82	2236.29	627.52***(103.60)	28.06
	$V_0L_1C_1$	2628.20	2186.81	441.39***(109.50)	20.18
	$V_1L_1C_1$	2708.28	2093.09	615.19***(52.59)	29.39

Madda: Bu'aa moodela (2022)   Note: Standard errors are shown in parentheses.

Yaada Imaammataa

- Ministeerri Qonnaa wabii nyaata magaalaafi jireenya maatii mirkaneessuuf qonna magaalaa irratti imaamaata qopheessuu qaba.
- Biirooleen qonnaafi bulchiinsonni magaalotaa jijjiirama QM madaqsuun jiru tajaajilamuun QM akka amaleeffatamu dadammaqsuu qabu.
- Biirooleen gara garaa magaalaa jiran, yuunivarsiitiiwwan, wiirtuwwan qorannoofi manneen barnootaa QM hojiirra oolchuufi agarsiisuu qabu.
- Dhaabbileen maallaqaa abbootii warraa QM irratti hirmaataniif deeggarsa gochuu qabu.

Mission

Undertake knowlege-genetating,problem solving and cutting-edge reasearch and provide demand-driven and transformative community engagement activies that will contribute to local, national, regional and sustainable development.

Vision

Haramaya University strives to be one of the top ten universities in Eastern Africa with an international reputation by 2030.

Goal

To evolve as an autonomous and independent (academic and research institute) graduate and research university with competitive national and international quality and relevance standards in its academic, research, and community engagement endeavors.

Haramaya University Research Themes and Sub-themes

Theme 1: Productivity and Environmental Sustainability for Food Security and Poverty Alleviation
Sub-themes:
1. Animal Production and Health
2. Plant Production and Health
3. Environment, Natural Resources, and Climate Change

Theme 2: Human Health, Nutrition, and Welfare
Sub-themes:
1. Health Promotion and Disease Prevention
2. Advances in Curative and Rehabilitative Health Services and Disease Management
3. Nutrition, Food Safety and Security, Dietetics, and Nutritional Problems
4. Reproductive Health, Maternal and Child Health

Theme 3: Energy, Engineering, and Information Technologies
Sub-themes:
1. Information Technology and Computing
2. Advanced Material Research and Development
3. Energy Resource Development and Utilisation
4. Postharvest Technology, Processing, and Food Analysis
5. Civil Infrastructure, Manufacturing, and Industrial Technology

Theme 4: Human and Social Development
Sub-themes:
1. Society, Culture, and Tourism
2. Educational Advancement and Quality Assurance
3. Population, Gender, and Development
4. Governance and the Rule of Law

Theme 5: Institution, Innovations Systems and Economic Development
Sub-themes:
1. Economic Development, Policy, and Institutional Analysis
2. Innovation Systems and Impact Evaluation Studies

Theme 6: Basic Science Research
Sub-themes:
1. Bioscience Research
2. Chemical Science Research
3. Biophysics and Computational Physics
4. Mathematical Research